

“XIINXALA QABIYYEE CAASLUGAA: KITAABILEE WABII SEMMOO,
NATOOFI GADAA KEESSATTI”

BAAHIRUU ALAMUUTIIN

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA BARNOOTA
AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIN GUUTACHUUF QOPHAA’E

YUUNIVARSITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAIFI
HIYUMAANITII MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTTI
DHIHAATE

FULBAANA, 2014/2021

JIMMAA

YUUNIVARSIITII JIMMAA
KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HIYUMAANITII
MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

“XIINXALA QABIYYEE CAASLUGAA: KITAABILEE WABII SEMMOO,
NATOOFI GADAA KEESSATTI”

BAAHIRUU ALAMUUTIIN

GORSAAN: ALAMAAYYEHU FAQQADE (PhD)

GORSAA GARGAARAA YASHII ITICHAA (MA)

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA BARNOOTA
AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIN GUUTACHUUF QOPHAA’E

FULBAANA, 2014/2021

JIMMAA

Yuunivarsiitii Jimmaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa(MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Ittiin Guuttachuuf Qorataa Baahiruu Alamuu Dajaneen Mata-Duree “Xiinxala Qabiyyee Caaslugaa Kitaabilee Wabii Semmoo,Natoofi Gadaa Keessatti” Jedhu Irratti Qophaa’ee Adeemsa Barbaachisu Guutee Kan Dhiyaatedha.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa Gargaaraa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti Gaafatamaa Muummee Yookiin Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaan koo armaan gaditti eerame warqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu ibsaa, hojiin kun kanaan dura Yunivarsiitii kammiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessatti kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa Qorataa: Baahiruu Alamu Dajanee

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Ani Dr. _____ barataan kun hojiin isaa of ittisuuf dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa Gorsaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Maqaa Gorsaa Gargaaraa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Galata

Duraan duurse Waaqa na jalqabsiisee na xumursiseef galanni haata’u. Itti aansuun qorannoo kana yemmuun gaggeessu mata-duree filachuurraa jalqabee hanga qorannoon kun xumuramutti nuffii tokko malee yaadaafi gorsaan kan na deeggaraa turan gorsaa koo kan ta’an Dr. Alamaayyoo Faqqadetiifi Barsiistuu Yashii Itichaa dhaaf galata guddaan galcha. Dabalataanis, tajaajila meeshaalee barreeffamaa akkan argadhu kan na deeggaraa turan mana barumsa Suudee sadarkaa 1^{ffaa} fi barsiisota Afaan Oromoo odeeffannoo kana naaf kennaniif galata guddaan qaba.

Abbaa koo, amma lubbuun hin jirre obbo Alamu Dajanee, harmee koo aadde Baqqaluu Roobii, haadha manaa koo aadde Kurii Alamaayyoofi mucaa koo Isxifaanoos Baahiruu yeroo barbaachisaa ta’etti yaadaafi qabeenya keessan osoo hin qusatiin deeggarsa maatiin ilma isaanitiif godhuun olitti waan na deeggartaniif Waaqayyoon umrii dheeraa isiniif haa kennu. Akkasumas, kitaabilee wabiifi meeshaalee barreessaa naaf ergisuun kan na gargaaraa turan hiriyoota koo barsiisaa Kabbadaa Taayyee, barsiisaa Asaffaa Alamaayyoo, Zannabaa Alamu, Ayyaalew Alamuufi Balaxe Alamuutiif galanni koo bakka jirtanitti isin haa gahu.

Axeereraa

Qorannoon kun “xiinxala qabiyyee caaslugaa kitaabilee wabii Semmoo Natoofi Gadaa” jedhu irratti kan gaggeeffame yoo ta’u, kaayyoon isaas, qabiyyeen caaslugaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti akkamitti akka dhiyaate xiinxaluun agarsiisuudha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf maddi ragaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa dha. Ragaan qorannoo kanaas sakatta’a dookimantiifi afgaaffii barsiisotaaf dhiyaateen walitti qabamee jira. Afgaaffitti kan dhimma bahameef akka odeeffannoo dabalataatti waan qoratiicha gargaaruuf malee bu’uurri qorannichaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaadha. Saxaxni qorannoo kanaa saxaxa ibsaa yoo ta’u, mala qorannoo qulqulleeffataatti kan dhimma bahedha. Akaakuun qorannoo kanaa, mala qorannoo keessaa mala qorannoo ibsaa gargaarameera. Sababiin isaas, malli qorannoo ibsaa faayidaafi caasaa afaanii xiinsaga irraa kaasee hanga caasaa himaatti jiran irratti hundaa’uun ibsa kenna. Ragaa kana irraa wanti hubatame, kitaaba wabii Semmoo keessatti garee jechootaa ilaalchisee yaadni jiru kitaabilee wabii Natoofi Gadaa irraa garaagarummaa kan qabu akka ta’edha. Kunis, garee jechootaa bakka afuritti kan qoodedha. Yaadni kitaaba wabii Natoo keessatti argamu immoo, baay’ee walxaxaa ta’ee kan dhiyaatedha. Haala qoodinsa garee jechootaa ilaalchisee kitaabilee wabii kanneen gidduu garaagarummaan kan jiru akka ta’e qorannoon kun ifatti mul’iseera. Sakatta’a taasifamerraa akka hubatamutti kitaabni wabii Semmoo caasaa xumuribsa waan hindhiyeessineef akka caasluga Afaan Oromootti kitaabni kun caasaan xumuribsa taajaajilaan malee uunkaa kan hin mul’anne akka ta’e waan mirkaneessefidha. Yaadni furmaataa qorannoo kanaa akka agarsiisutti qoodinsa garee jechootaa ilaalchisee kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa gidduu garaagarummaan guddaa kan jiru akka ta’edha. Kunimmoo, akka caasluga Afaan Oromootti guddina afaanichaaf gumaacha ni godha jedhamee yaadama. Akkasumas, qopheessitoonni kitaabilee wabii kunneen maalummaafi moggaasa caasaa kanneen irratti waliin mari’achuun jechoota waaltawaafi sadarkaa barattootaa giddugaleeffate irratti hundaa’uun osoo qopheessanii filatamaa ta’a.

Jibsoo

Jechoonni armaan gaditti tarreeffaman kun kan qorannoo kana keessatti dhimma itti bahamanii dha.

Akkamtaa(qulqulleeffataa)Mala qorannoo odeeffannoo argame jechaan ibsuu dha.

CaaslugaCaasaa afaanii kan hordofu

DachimaHima dachaa

GaaffimaHima gaaffii

Hammamtaa (safarataa) Mala qorannoo odeeffannoo argame lakkoofsaan ibsudha.

LeeximaHima leexaa

Raajimahima raajeffannoo

SeerlugaSeera afaanii kan too'atu

Xaxima.....Hima xaxamaa

XiinhimaXiinxala himaa

Baafata

Qabiyyee.....	Fuula
Galata.....	i
<i>Axeereraa.....</i>	<i>ii</i>
Jibsoo.....	iii
Boqonnaa Tokko: Seensa.....	1
1.1.Seen-duubee Qorannichaa.....	1
1.2.Ka'umsa Qorannichaa.....	3
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	4
1.3.2. Kaayyoo gooree.....	4
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	5
1.5.Daangaa Qorannichaa.....	5
1.6. Hanqina qorannichaa.....	6
1.7.Qindoomina Qorannichaa.....	6
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu.....	7
2.1.Yaadrimee Caaslugaa.....	7
2.2. Qabiyyee Caasluga Afaan Oromoo.....	8
2.1.1.Birsaga.....	8
2.2.2. Caasaa birsagaa.....	9
2.2.Jecha.....	12
2.2.1.Garee Jechootaa.....	13
2.2.1.1.Maqa.....	14
2.3.1.2. Maqibsa.....	15
2.3.1.3. Xumura.....	16
2.3.1.4. Xumuribsa (Gochibsa).....	16
2.3.1.5. Durduubee/ Firoomsee.....	17

2.3.Gaalee.....	18
2.3.1. Gosoota Gaalee.....	18
2.3.1.1.Gaalee Maqaa.....	19
2.3.1.2.Gaalee Addeessaa.....	20
2.4.1.3.Gaalee Firoomsee/Durduubee.....	20
2.4.1.4.Gaalee Gochimaa.....	21
2.5.Hima.....	22
2.6.Gosoota Himaa.....	23
2.6.1.Gosoota Himaa Tajaajilarratti Hundaa’uun.....	24
2.6.1.1.Hima Addeessaa/Himaamsaa.....	24
2.6.1.2. Hima Gaaffii.....	25
2.6.1.3. Hima Ajajaa.....	26
2.6.1.4. Hima Raajeffannoo.....	26
2.6.2. Gosoota Himaa Unkarratti Hundaa’uun.....	27
2.6.2.1.Hima salphaa.....	27
2.6.2.2.Hima Dachaa.....	28
2.6.2.3.Hima Xaxamaa.....	30
2.6.2.4.Hima Dachaa Xaxamaa.....	31
2.7.Yaadxina Qorannichi Bu’uureffate.....	32
2.8.Sakatta’a Barruu Walfakkii.....	33
Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa.....	35
3. Seensa.....	35
3.1. Malleen Qorannichaa.....	35
3.2. Saxaxa Qorannichaa.....	36
3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee.....	36

3.3.1. Sakatta’a Dookimantii.....	36
3.3.2. Af-gaaffii.....	36
3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee.....	37
Boqonnaa Afur: Dhiheessaafi Xiinxala Ragaalee.....	38
4.1. Xiinxala Caasaa Birsagaa Kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa irratti.....	38
4.2. Xiinxala Caasaa Garee Jechaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa Irratti Adeemsifame.....	40
4.2.1. Xiinxala Caasaa Maqaa irratti.....	43
4.2.2. Xiinxala Caasaa Maqibsaa.....	44
4.2.3. Xiinxala Caasaa Gochima.....	46
4.2.4. Xiinxala Caasaa Gochibsaa.....	48
4.2.5. Xiinxala Caasaa Durduubee.....	49
4.3. Xiinxala Caasaa Gaalee kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa Irratti Adeemsifame...	50
4.3.1. Xiinxala Caasaa Gaalee Maqaa.....	52
4.3.2. Xiinxala Caasaa Gaalee Maqibsaa.....	53
4.3.3. Xiinxala Caasaa Gaalee Durduubee.....	55
4.3.4. Xiinxala Caasaa Gaalee Gochimaa.....	57
4.3.5. Gaalee Hortee.....	59
4.3.6. Gaalee Guuttuu.....	59
4.3.7. Gaalee Murteessituu.....	59
4.4. Xiinxala Caasaa Himaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa Irratti.....	60
4.4.1. Xiinxala Caasaa Hima Himaamsaa.....	60
4.4.2. Xiinxala Caasaa Hima Gaaffii.....	62
4.4.3. Xiinxala Caasaa Hima Ajajaa	63
4.4.4. Xiinxala Caasaa Hima Raajeffannoo.....	65
4.4.5. Xiinxala Caasaa Hima Salphaa.....	67

4.4.6. Xiinxala Caasaa Hima Dachaa.....	68
4.4.7. Xiinxala Caasaa Hima Xaxamaa.....	70
4.4.8. Xiinxala Caasaa Hima Dachaa Xaxamaa.....	72
Boqonnaa Shan: Goolaba, Argannoofi Yaada Furmaataa.....	74
5.1. Cuunfaa.....	74
5.2. Argannoo.....	75
5.3. Yaboo.....	78
Wabiilee.....	79
Dabbalee “A”.....	l

Tarree gabateewwanii

Gabatee 1: Fakkeenya caasaa birsagaa.....	39
Gabatee 2: Fakkeenya Garee jechootaa.....	40
Gabatee 3: Fakkeenya maqaa.....	43
Gabatee 4: Fakkeenya maqibsaa.....	45
Gabatee 5: Fakkeenya gochimaa.....	45
Gabatee 6: Fakkeenya gochibsi.....	48
Gabatee 7: Fakkeenya durduubee.....	49
Gabatee 8: Fakkeenya caasaa gaalee.....	51
Gabatee 9: Fakkeenya caasaa gaalee maqaa.....	53
Gabatee 10: Fakkeenya caasaa gaalee maqibsaa.....	54
Gabatee 11: Fakkeenya caasaa gaalee durduubee.....	56
Gabatee 12: Fakkeenya caasaa gaalee gochimaa.....	58
Gabatee 13: Fakkeenya caasaa hima addeessaa.....	61
Gabatee 14: Fakkeenya Caasaa Hima Gaaffii.....	63
Gabatee 15: Fakkeenya caasaa hima ajajaa.....	64
Gabatee 16: Fakkeenya Caasaa Hima Raajeffannoo.....	66
Gabatee 17: Fakkeenya caasaa hima salphaa.....	67
Gabatee 18: Fakkeenya caasaa hima dachaa.....	69
Gabatee 19: Fakkeenya caasaa hima xaxamaa.....	71
Gabatee 20: Fakkeenya caasaa hima dachaa xaxamaa.....	72

Boqonnaa Tokko: Seensa

Boqonnaan kun kan hammatu seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaati.

1.1. Seen-duubee Qorannichaa

Afaan Oromoo akkuma afaanota biroo sadarkaa sagalee irraa jalqabee hanga caasaa olaanaatti seera mataasaa qaba. Afaan Oromoo afaan barnootaa, afaan hojii, afaan miidiyaa, afaan qorannoofi qo'annoon ittiin gaggeeffamuufi kan kana fakkaatan erga ta'ee yeroo dhihoodha. Walittidhufeenya dhamsagoonniifi birsagoonni jecha ijaaruuf taasisaniin qaamni hiika qabeessi tokko caasaa afaanii keessatti ni uumama. Jechoonni walitti dhufuun caasaa isaan irra guddaa ta'e kan akka gaalee, ciroofi hima ijaaruu ni danda'a. Qabiyyeewwan caasaa qaban kanneen kana kan too'atu caasluga jedhama.

Caasluga ilaalchisee hayyuuleen yaada garagaraa kaasu. Akka hayyuun Richards and Rogers, (2001) ibsanitti, sababiin waliigaltee dhabiinsa kanaa kan madde garaagarummaa hiikaalee namoonni adda addaa caaslugaaf laatanidha. Hiikaaleen hunduu ilaalcha isaa barnoota irratti kan hundaa'an ta'ee barumsa seeraa, tartiibawwan jechoonni walitti dhufaniifi caasluga akka himtee mataa isaa danda'ee afaanota biroo irratti hojjiirra oolu ta'uu kan ibsuudha.

Addunyaa B.(2012:15-16) maalummaa caaslugaa yoo ibsu, "Caaslugni seera qindoomina caasaalee afaan tokkoo too'atu, kan dubbataan afaan sanaa beekudha," jedhee kaa'ee jira. Hayyuun Ur, (1998:75) maalummaa seerlugaa yoo ibsu, "The way words are put together to make correct sentences" jedh. Akka waraabbi kana irraa hubatamutti, seerlugni karaa jechoonni walitti dhufanii himoota sirrii ta'an ijaaraniidha. Jechoonni ergaa guutuu ta'e tokko dabarsuuf walitti qindaa'uu isaan barbaachisa jechuudha.

Afaan kamiyyuu seera caasaa mataa isaa niqabaata. Seerri caasaa afaan sanaa too'atu caasluga jedhama. Afaan Oromoo akkuma afaan kamiyyuu caasluga ofiisaa ni qaba. Afaan Oromoo akka qabiyyee tokkotti yemmuu barsiifamu rakkoo gama caasaaleen mul'atan qabaachuu danda'a. Kunis, caasaa birsagaa, garee jechaa, gaaleefi himaa irrattidha. Kana ilaalchisuun Addunyaa

B.(2010,÷f.24)O’Grade(1996) wabeeffachuun yoo ibsu, “Caaslugni seera caasaa afaan tokkoo (caasaa birsagaa, jechaa, gaalee, himaafi waan kana fakkaatan) too’atudha” jedha.

Qabiyyeen caaslugaa birsaga, jecha, gaaleefi hima of keessatti kan hammatudha.Kunis,caaslugni warra caasaa qaban qofa seera isaanii kan too’atu jechuudha.Warra caasaa hin qabne yookiin hin taane kanneen akka:sagalee,dhamsaga,hiika jechootaa,hiika jedhamaniif seera isaanii kan too’atu seerluga jedhama.Seerlugaafi caasluga bakka tokkotti kan too’atu immoo,xinqooqa jedhama.Kana jechuun warra caasaa ta’aniifi caasaa hin taane kan walitti qabatu xinqooqa akka ta’edha.Qabiyyeen caaslugaa guutuudha kan jedhamu wantoota olitti tarreffaman kanneen hunda yoo qabaatedha.

Tamasgeen M.fi Tashoome B.(2015) waa’ee caaslugaa yoo ibsan, “Caaslugni caasaa afaanirratti bu’uureeffachuun kan barsiifamu yemmuu ta’u, xiyyeeffannoon isaa inni guddaan caasaa afaanichaa qofa barsiisuudha.Adeemsi baruu-barsiisuu caaslugaas adeemsa baramaa warra durii kan hordofuufi caasaa afaanichaa ka’umsa kan godhatudha”jedhu.

The new encyclopedia britannica yoo ibsu, “Rules of language governing the sound, words, sentences and other elements as their combination and interpretation” jedha. Akka waraabbii kana irraa hubanutti seerluga jechuun seera afaanii sagalee, jechoota, himootaafi walitti makamiinsa ruqoolee biroofi ibsa isaanii kan too’atu akka ta’e nu hubachiisa.

Caaslugni yemmuu dhiyaatu caasaa xiqqaa irraa eegaluun gara walxaxaatti deemuu akka qabu dha.Kanaaf, kitaabileen wabii caasluga karaa sirriifi qindaa’aa ta’een dhiyeessuu akka qaban hubachuu ni dandeenya.Barattoonni Afaan Oromoo daree keessatti yemmuu baratan seeraafi caasaa afaanichaa gadifageenyaan xiinxalanii barachuu qabu.Sababni isaa caaslugaafi seerluga afaanichaa adda baasanii hin beekan taanaan, beekumsa afaanichaa gabbifachuufi horachuu hin danda’an.Kanaafuu,barsiisaan Afaan Oromoo barsiisu tokko rakkoo kana furuuf kitaabilee wabii adda addaa fayyadamuun dandeettii caasluga barattootaa gabbisuu qaba.Kunis,kitaabilee wabii kanneen gara dareetti fidee akka deegarsaatti fayyadamuuf yaaluu duurse qabiyyeewwan kitaabilee wabii kanneenii gadi fageenyaan xiinxaluu akka qabu nutti agarsiisa.

Akka muuxannoo qoratichaatti barattoonni manneen barumsa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa keessatti Afaan Oromoo barachaa jiran, irra caalaan isaanii caasaawwan caaslugatti fayyadamuun barreessuus ta’ee dubbachuu irratti rakkoo guddaa qabu.Waan kana ta’eef,

barataanis ta'ee barsiisaan hubannoo dabalataa argachuuf kitaabilee wabitti fayyadama. Kitaabileen wabii immoo, qabiyyee caaslugaa tartiiba sirrii ta'eefi guutuu dhiyeessuu qabu. Sababiin isaas, kitaabileen wabii kunneen caasluga karaa sirrii ta'een hin dhiyeessine yookiin hanqina qaba taanaan barataafi barsiisaan hubannoo dabalataa argachuu hin danda'u. Kanaafuu, kitaabileen wabii qabiyyeewwan dhihaatan caasaa xiqqaa irraa gara guddaatti bifa walitti fufiinsa qabuun caaseeffamuu qaba. Akkasumas, qorannoon kun qabiyyeen caasluga Afaan Oromoo rakkoo kitaabilee wabii keessatti qabu xiinxaluu waan ta'eef duursa maalummaa kitaaba wabii haa ilaallu.

Kitaaba wabii jechuun kitaaba beekumsa dabalataa argachuuf bu'uura ta'eefi akka deeggarsaatti itti gargaaramanidha. Akka toora intarneetii irraa hubatametti kitaabni wabii yeroo mara sirrii akka ta'eefi dubbistoonni madda odeeffannoo fayyadamte bira akka gahan kan eyyamuudha. Wabii sirnaan fayyadamuu kee karaan ittiin dhugoomu, yemmuu dubbisnuufi qorannoo gaggeessinu madda wabii fayyadamne sirritti waraabne yoo keenya akka ta'e nu hubachiisa.

Qabiyyeen caaslugaa dhiyaachuu qabu haala hawaasichi ittiin dubbatuufi ittiin barreessu waliin walgituu qaba. Haata'umalee, kitaabileen wabii yemmuu qophaa'an yaada kana xiyyeeffannoo keessa galchuu dhiisuu danda'u. Barreessitoonni hedduu quuqama afaan isaanitiif jecha kitaabilee wabii barreessuu danda'u. Barreessitoonni muraasa ta'an immoo, faayidaa qofaaf jedhanii kitaaba barreessuu danda'u. Kanaaf, kitaabileen wabii gara dareetti dhufanii hojirra osoo hin oolchiin dura rakkoo yookiin hanqina qabaachuufi qabaachuu dhabuu isaanii sakatta'uun madaalamuu qabu. Kanarraa ka'uun, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa qabiyyeen caaslugaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti akkamitti akka dhihaate xiinxaluudha. Kanamalees, caasaan birsagaa, caasaan jechaa, caasaan gaaleefi caasaan himaa kitaabilee wabii kanneen keessatti maal akka fakkaatu adda baasee ibseera.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Beekumsaafi itti fayyadama afaan tokkoo keessatti seera afaanichaa beekuun barbaachisaadha. Seerri afaanii kunis, seera caaslugaa, ijaarsa jechootaafi ijaarsi himootaa gadi fageenyaan beekamuu qabu. Seera qindoomina ijaarsa jechoota Afaan Oromoo beekuun immoo, seera afaanichi itti dhiyaatu hubachuuf beekumsa argachuudha (Sharma and Tuteja, 2005).

Qorannoon kun qabiyyee caaslugaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti hanqina jiru ifatti bahee akka mul'atuuf bu'uura ta'uu danda'a jdhamee yaadama. Kanarraa ka'uun, qorataan kun kitaabilee wabii kanneen irratti xiinxala gaggeessuun, sirreeffama yookiin fooyya'iinsa kitaabilee wabii kanneeniif kaka'umsa kan horatedha.

Akka ka'umsaatti qorataan kun kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti qabiyyeen caaslugaa kunis, caasaa birsagaa, caasaa jechaa, caasaa gaaleefi caasaan himaa akkamitti akka dhihaatan xiinxaluun hanqinoota gama kanaan mul'ataniif furmaata barbaaduuf. Sababii qorataan kitaabilee wabii kanneen irratti xiyyeeffateef immoo, kitaabilee wabii kanneenitti fayyadamee barsiisaa waan tureefi. Yemmuu kitaabilee kanneen akka deeggarsaatti itti fayyadamu rakkoo akka qaban hubachuun, rakkoolee mul'ataniif furmaata barbaadufidha.

Kanaaf, rakkoon kitaabilee wabii keessatti mul'atu dhimma qorannoo barbaadudha. Rakkooleen kunneen immoo, akka qorataan dhimmoota kanarratti qorannoo gaggeessee furmaata barbaaduuf ka'umsa ta'eef. Kanaafuu, qorannoon kun gaaffilee qorannoo armaan gadii deebisuuf yaalee jira.

1. Kitaabileen wabii Semmoo, Natoofi Gadaan caasaa birsagaafi garee jechaa akkamitti dhiyeessan?
2. Kitaabilee wabii Semmoo, Natoofi Gadaa keessatti caasaa gaaleefi himaa haala kamiin qopheessan?
3. Kitaabileen wabii Semmoo, Natoofi Gadaan qabiyyee caaslugaa irratti rakkoo yoo qabaatan akkamitti furmaata argatu?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qabiyyeen caaslugaa kitaabilee wabii Semmoo, Natoofi Gadaa keessatti akkamitti akka dhiyaate xiinxaluudha.

1.3.2. Kaayyoo gooree

- Kitaabilee wabii Semmoo, Natoofi Gadaa keessatti caasaa birsagaafi garee jechaa akkamitti akka dhiyeessan ibsuuf.

- Kitaabilee wabii Semmoo, Natoofi Gadaa keessatti caasaa gaaleefi himaa haala kamiin akka qopheessan tarreessuuf.
- Kitaabileen wabii Semmoo, Natoofi Gadaa qabiyyee caaslugaarratti rakkoo yoo qabaate furmaata akkamitti akka argatu eeruuf.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

- Bu'aan qorannoo kanaas qaamolee guddina Afaan Oromoo hawwan hundaaf fayyaduu ni danda'a.
- Barsiisota Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaatti barsiisan hundaaf gargaaruu ni danda'a.
- Barattoota sadarkaa lammaffaatti Afaan Oromoo barataniif tajaajiluu danda'a.
- Barreessitoota kitaabilee wabii kanneeniif hanqinoota keessatti mul'atan agarsiisuun maxxansa itti aanu keessatti akka sirreessaniif agarsiisuu danda'a.
- Kanneen qorannoo walfakkaataa gara fuula duraatti gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo kanaa kitaabilee wabii Nattoo(2012), Semmoo(2016)fi Gadaa(2011) yoo ta'u, kallattiidhaan kan irratti xiyyeeffatamu xiinxala qabiyyee caaslugaa kitaabilee wabii Nattoo,Semmoofi Gadaa irratti xiyyeeffachuuni.Kitaabilee wabii Afaan Oromoo maxxanfamanii barnootaaf oolan mara osoo xiinxalanii bu'a qabeessa ta'a ture.Garuu,yeroofi humna hedduu gaafata waan ta'eef daanga'e. Kitaabni Gadaa boqonnaalee 12 kan qabuufi fuula 305 kan qabudha. Kitaabni wabii Nattoo immoo, fuula 290 kan qabu dha.Kitaabni Semmoo kutaalee 15 kan qabuufi fuula 241 kan qabudha.

Kitaabileen wabii kunneen qabiyyee caaslugaa hedduu of keessaa qabu.Qabiyyee caaslugaa kitaabilee wabii kanneen keessatti argaman hunda osoo xiinxalamanii gaarii ture.Haata'umalee, kana raawwachuuf humna guddaafi yeroo dheeraa barbaachisuu irraa kan ka'e, qorataan kitaabilee wabii Nattoo, Semmoofi Gadaa keessatti qabiyyee caaslugaa xiinxaluu irratti qofa akka daangeeffamuuf dirqamee jira.

1.6. Hanqina qorannichaa

Qorannoo kana yeroo gaggeessu hanqinaalee qorataa muudatan keessaa muraasni hanqina kitaabilee wabii Afaan Oromoon barreeffaman dhabuu, bakka hojii idilee qorataatti tajaajilli ibsaa ciccitaa ta'uufi tajaajilli 'e-mail' tasumaa dhabamuu. Akasumas, barreessitoota kitaabilee wabii kanneeniif afgaaffii taasisuu dhabuun hanqina qorannichaa isa kan biroodha. Haata'u malee, qorataan tooftaalee adda addaatti fayyadamuun hanqinaalee kana keessa darbuun qorannoo kana milkeesseera. Hanqina kitaabilee wabii ilaalchisee kitaabilee afaan Ingilizii irraa gara Afaan Oromootti jijjiiruun fayyadamee jira. Rakkoo kana irraa kan ka'e yaadni guutumaa guututti bakka bu'uu dhabuu irraa kan ka'e, qorannoo sirritti tumsuu dhabuu. Akkasumas, gara magaalaa ibsaafi 'e-mail' jirutti, magaalaa Roobee deemuun fayyadamaa qorannoo isaa xumuree jira.

1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shan jalatti kan qindeeffame yoo ta'u, boqonnaaleen hundunuu waan of keessatti hammatan qabu. Haaluma kanaan, boqonnaa tokko keessatti seenduubee, ka'umsa, kaayyoo gooroofi gooree, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi qindoomina qorannichaati. Boqonnaan lama sakatta'a barruuti. Boqonnaa kana keessatti barruulee yaaxxinaafi barruulee walfakkiitu dhiyaate. Boqonnan sadii mala qorannichaa, saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, meeshaalee funaansa ragaalee, adeemsa raga walitti qabuufi mala xiinxaluuti.

Boqonnaan afur qaaccessaafi ibsa ragaaleeti. Kutaa kana jalatti ragaalee sakatta'a dookimantiifi afgaaffii barsiisota irraa funaannametuu qaaceffamee ibsame. Boqonnaan shan immoo, goolaba, argannoofi yaada furmaataa of keessaa qaba. Boqonnaa kana keessatti xiinxala ragaalee irraa argaman irratti hundaa'uun yaadni furmaataa dhihaatee jira.

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

2.1. Yaadrimee Caaslugaa

Afaan tokko qubee mataa isaa erga bocatee booda haala hawaasichi itti fayyadamu bu'uura godhachuun seera qubeewwan kunneen qindaa'anii ergaa guutuu dabarsan kan uummatudha. Afaan Oromoos akkuma afaanota biroo seera yookiin caasluga itti sagaleeleen walitti qindaa'uun birsaga, birsagni walitti qindaa'uun jecha, jechi walitti dhufuun himaafi waan kana fakkaatu uumuun ergaa sirrii ta'e ittiin dabarsu qaba. Caasaan afaan tokkoo xiqqaa irraa eegaluun gara sadarkaa oolaanaatti deemuuf seera hordofu qaba.

Caasluga jechuun seera qindoomina caasaalee afaan tokkoo kan too'atu dha. Akka Macmillan English Dictionary (2002÷.f.618) ibsutti, "Grammar is a set of rules that describe the structure of language and control its combination." Akka waraabii kanarraa hubanutti seerlugni seera caasaa afaanii kan ibsuufi walitti makamiinsa isaa kan too'atu dha. Hiika caaslugaa ilaalchisuun Nasr,(1997)÷ Ur (1996)÷ Atkins and etal, (1995) yoo ibsan,

Hiikni caaslugaa isa dhiphaan maalummaa caaslugaa isa durii qofaa osoo hin taane kaayyoo, tooftaafi xiyyeeffannoo afaan barsiisuu duubatti hafa hojii baruufi barsiisuu afaanii haalaan kan ibsudha. Maalummaa hiika kanaa yoo ilaalle mala jechoonni adda addaa himoota sirrii ta'an ijaaruuf walitti qindaa'anii dha. Hiikni bal'aan caaslugaa yoo isa dhiphaa kanaan madaalamu, caasaawwan adda addaa sadarkaa sagaleetii hanga qaamolee dubbii yookiin barreeffama himaa ta'anii ergaa guutuu dabarsuu danda'an mara: garaagarummaa sagaleessuu kan qubeessuu, haalota saala afaan adda addaa keessatti addaan baasaniifi kan kana fakkaatan kan dabaluuudha.

Akka yaada hayyoota kanneen irraa hubanutti maalummaa caaslugaa bifa lamaan kan ilaalan akka ta'edha. Hiika caaslugaa isa dhiphaa keessatti, barsiisonniifi barattoonni xiyyeeffannoo guddaa kan laatan waliin dubbii shaakala dubbiiif osoo hin taane, sirrummaa himootaatifdha. Hiika caaslugaa isa bal'aa yoo ilaalle immoo, caasaawwan adda addaa sadarkaa sagaleetii kaasee hanga himaatti argamaniifi hiika guutuu dabarsan of keessatti kan hammatu akka ta'edha.

Akka hayyoota xinqooqaatti, caaslugin walitti qabamiinsa qajeelfamootaa ta'ee himoonni akkamitti walitti makamuun akka danda'an kan ibsudha. Yeroo tokko tokko namoonni afaan kun caasluga hin qabu yemmuu jedhan ni dhaga'ama, garuu kun afaan kamiifiyyuu dhugaa miti. Daangeffamni kunis qajeelfama xiinhimaa akka ta'e nu hubachiisa.

Jechi seerluga jedhu kun jechoota seeraafi lugaa jedhaman lamaan walitti makuudhaan kan uumamedha.Hiikkaan isaas seera afaanii kan jedhudha.Seera meeshaa waliigaltee kan ta'e afaaniin dubbataafi dhaggeeffataan yookiin barreessaafi dubbisaan ittiin waliigaluuf isaan dandeessisu jechuudha.Saayinsiin seeraafi sirna lugaa qoratus jira. Saayinsiin kunis, seerluga jedhama.Unkaalee jechootaafi tartiiba jechootni ittiin walfaana bu'anii dhaamsa hiikkaa qabu uumuu ittiin danda'an qo'ata (Abdulsamad, 1994: f,16).

Yaada hayyuu kana irraa akka hubanutti seerluga jechuun jechoota lamarraa kan ijaarramu ta'ee meeshaa waliigaltee akka ta'edha.Kunis, saayinsii sirna lugaa qoratudh.Akkasumas tartiiba jechoonni walfaana bu'anii dhaamsa bu'aa qabu ittiin uumanidha.Dabalataan toorri intarneetii yoo ibsu, “

Seerluga jechuun wantoota hedduu sakatta'uuf kan fayyadudha.Kunis,haala kitaabni ibsa caasaa afaanii ittiin qabachuu danda'u sakatta'uuf kan fayyadu,haala beekumsa afaan dhaloota isaanii ittiin ibsan sakatta'uuf kan gargaaruufi seera isaa akka sakatta'an isaan gargaara.

2.2. Qabiyyee Caasluga Afaan Oromoo

Afaan Oromoo akkuma afaanota warra kaanii seera yookiin saayinsii ummatichi ittiin afaan isaa ijaarratee itti haasa'u qaba.Afaan kun caaslugaan badhaadhaa ta'uu isaa (Tsaggaayeen .2008) 'xiinxala dhiheessa qabiyyee seerlugaa: kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}fi 10^{ffaa} keessatti' qorannoo gaggeesse irratti Dabalaa (2011÷, f.127) wabeeffachuun yoo ibsu, “Like a number of other African and Ethiopian languages, Afaan Oromo has a very rich morphology.It has the basic features of agglutinative languages where all bound forms (morphemes) are affixes.” jedha.

Akka waraabii kanaatti Afaan Oromoo akkuma afaanota Itoophiyaafi Afrikaa biroo xiinjechaan badhaadhaa akka ta'edha.Gama birootiin afaanichi jechootaan badhaadhaa ta'uun isaa caaslugaanis badhaadhaa ta'uu isaa nutti agarsiisa.

2.1.1. Birsaga

“Birsaga jechuun caasaa sagalee dubbachiiftuu qofaadhaan yookiin walitti qindaa'ina sagalee dubbachiiftuufi dubbifamaatiin kan ijaaramudha”(Geetaachoo R. 2016÷, f.40).

Akka kuusaan jechootaa Oxford Dictionary of Current English (f.193) ibsutti, “Syllable is unit of pronunciation forming the whole or part of a word and usually having one vowel sound often with consonant (-s) before after”jedha. Akka yaada kanarraa hubanutti birsagni sagalee walitti dhufan irraa kan ijaaramuu ta’ee dubbachiistuufi dubbifamaa kan of keessaa qabu akka ta’e nutti agarsiisa.Dabalataan, Mirreessaa A.(2014:f,32) irratti yoo ibsu, “Birsaga jechuun jecha makoo birkiifi sagalee kan jedhurraa kan argame yoo ta’u,haasaa keessatti walta’iinsa dubbifamaafi dubbachiistuun kan ijaaramudha”jedha.

Fakkeenya (1)


1. Shan birsaga tokko
2. O-daa birsaga lama
3. Mam-maak-sa birsaga sadii

Qabiyyeen caasaa birsagaa qaamolee birsagaa kanneen jedhaman of keessaa qabaachuu qaba.Isaanis: Ka’umsa,Utubaafi Cufaadha.Caasaan birsagaa tokkoos caasaa sadeenuu of keessatti hammachuu ni danda’a.Garuu,birsaga Afaan Oromoo keessaa ka’umsaafi utubaan hafuu hin danda’u.

2.2.2. Caasaa birsagaa

Afaan Oromoo caasaafi seera birsagaa mataasaa ni qaba. Seera birsagni Afaan Oromoo qabu keessaa jechi dubbifamoota lamaan jalqabuufi dubbifamoota lamaan xumuuramu hin jiru.Kana jechuun birsagni dubbifamaa tokkoo ol walittii aansee qabu hin jiru jechuudha (Geetaachoo R.2016÷,f. 42).

Qaamolee birsagaa caaseessoo yookaan fakki mukaadhaan agarsiisuu ni dandeenya.



Hiikkaa: B=Birsaga


K=Ka'umsa

GG=Giddu-galeessa


U=Utubaa

C=Cufaa (Geetaachoo R.2016÷, f. 43)

Yaada kana deeggaruun Rabbirraa (2011:47) yoo ibsu, “Birsagoonni akka damee mukaatti bittinaa’anii caaseffamuun kaa’amuu ni danda’u.Haalli ka’umsa birsagootaa kun caatoo birsagaa jedhamee waamama.’Caatoo birsagaa’ keessatti kanneen hammataman qaamolee birsagaa yoo ta’an bifa armaan gadiin caaseffamu.




Fakkeenya (2): Jechi ‘kun’ jedhu birsaga tokko qaba.





Caatoo kanarraa wanti hubatamu jechi tokko tokko birsaga ta’uu akka danda’udha.Qaamoleen birsagaa hundumtuu birsaga tokko keessatti argamuu ni danda’udha.

Fakkeenya (3) jecha ‘foon’



Fakkeenya (4) ‘ad-dooy-yee’ birsaga sadii qaba



Fakkeenya armaan olii kana irraa wanti hubannu birsaga ‘1’ keessatti qaamolee birsagaa keessaa ka’umsa kan hin qabne yoo ta’u, utubaafi cufaa qofarraa kan ijaaramedha. Kun immoo, akka caasaa birsaga Afaan Oromootti hanqina guddaadha. Birsaga ‘2’ keessatti immoo, qaamolee birsagaa sadeenuu of keessaa kan qabudha. Birsagni sadafaa, ka’umsaafi utubaa irraa kan ijaaramedha.

Qabiyyee caasaa birsagaa olitti caaseeffaman kunneen kitaaba wabii Gadaa keessaa kan fudhatamedha. Fakkeenya 4 irratti kan eerame ka’umsa kan hin qabne waan ta’eef akka hanqinaatti xiinxalamee jira. Kanaaf, caasaan qabiyyee birsagaa kitaabilee wabii sadeenuu keessatti dhiyaate hanqina kan qabudha.

2.2. Jecha

“Sagaleelee dubbii akkaataa hiika qabaachuu danda’aniin walfaana bu’uun kan ijaaramu jecha jedhama. Afaan adda addaa keessatti jechoonni karaa adda addaattin uumamuu ni danda’u. Afaan Oromoo keessattis jechootni bifa adda addaan ijaaramu”(Geetaachoo R.2016÷,f.53]. Dabalataan, waa’ee jechaa ilaalchisee Lammaa D.(2010:25) Geetaahuun (1989)fi Habtaamuu (2000) wabeffachuun yoo ibsu, “Jechi qindaa’ina seera qabeessa sagaleelee dubbiiifi latiilee irraa kan ijaarame akka ta’eefi qaama hiika kennu isa jalqabaafi gulantaalee afaanii keessaa isa bu’uuraa miirri waliigaltee irraa eegaluudha” jedha. Afaan Oromoo keessatti jechi haala armaan gadiin ijaaramuu danda’a.

1. Sagalee dubbifamaafi dubbachiftuu irraa.

Fakkeenya (5)

ak+koo=akkoo

a+raa+da=araada

mar+ga=marga

2. Jecha tokko irraa jechoota biraa baasuu

- a) duraa duuba sagalootaa jijjiiruun

Fakkeenyaaf (6)

lama =mala

Nama =mana

Qaama =maqaa

- b) Sagaloota jecha tokko keessatti argaman irraa

Fakkeenyaaf (7)

qullubbii –bilbiluu

-biqiluu

-lubbuu

3. Hundee jechaa irraa dhalatoo baasuu

Hundee jechaa jechuun qaama jechaa tokkoo, kan dhamjecha ofitti hin maxxanfatiin yookin handhuura jecha tokkoti. Haala uumama jechaa ilaalchisuun hayyoonni yaada garaagaraa kaasu. Tamasgeen (1993:f,7) “Uumamni jechaa adeemsa yaasaan yookiin uumamteen jecha yookiin hundee jechaa irraa jecha haaraa uumuuti. Afaan Oromoos adeemsa kanaan sooressa yookiin dureessa,” jechuun ibsee jira. Dabalataan, Addunyaa B. (2012:f,143) irratti akkas jedha, “Jechoonni adeemsa garaagaraatiin uumamuu danda’u: yaasaan, suphuun, diigalaan warra jedhaman maqaa dhahuun ni danda’ama.” Akka yaada hayyoota kanneenitti jechoonni Afaan Oromoo karaa hedduun ijaaramuu akka danada’udha.

Fakkeenyaaf (8)

deem- - deeme

- deemte

- deema (Geetaachoo R. 2016÷, f.54)

Kanaaf, caasaa Afaan Oromoo keessatti jechi bu’uuraa tokkoo karaa adda addaan ijaaramuu akka danda’u nu hubachiisa. Barsiisaan Afaan Oromoo barsiisu tokko karaalee jechoonni ittiin ijaaraman kanneen gadifageenyaan barattoota isaa hubachiisuun, barattoonni beekumsa jechootaa akka gabbifatan taasisuu qaba.

2.2.1. Garee Jechootaa

Garee jechaa jechuun akkaataa jechoonni gareedhaan qindoomanii tajaajila adda addaa kennan yookiin hima keessatti qooda mataa isaanii qabaatan jechuudha (Mirreessaa, 2014÷, f.59). Ibsa

hayyuu kanarraa akka hubanutti, jechoonni afaanota adda addaa keessa jiran haala tamsa'aa ta'een utuu hin taane amalaafi tajaajila kennaniin walfakkaatoo kan ta'an walitti dhufanii garee mataa isaanii kan ijaarratan ta'uu isaati. Afaan tokko jechoota hedduu qabaachuu ni danda'a. Jechoota kanneen tokko tokkoon xiinxaluun rakkisaa waan ta'uuf, jechoota walfakkatan gareetti qooduun xiinxaluun ni danda'ama.

Words are divided in to different classes, called parts of speech. We have ten parts of speech. Each of the classes into which the words of a language are divided according to grammar is called parts of speech. They are: noun, pronoun, adjective, verb, adverb, preposition, conjunction, interjection, article and particle (Kassahun D. 2011÷, f.17).

Waraabii kanarraa akka hubanutti jechoonni garee adda addaatti qoodamuun isaanii garee jechootaa akka jedhamuufi akka waliigalaatti immoo, garee jechootaa kudhan kan jiran akka ta'e dha. Akka hayyuun kun ibsutti Afaan Ingiliffaa keessatti gareen jechootaa bakka kudhanitti akka qoodamudha.

Dabalataan, garee jechootaa ilaalchisee Lammaa D. (2010:25) mata-duree “Qeeqa haala Dhiyeenya Xumuribsa Afaan Oromoo kitaaba barattootaa kutaa 9^{ffaa}fi 10^{ffaa} keessatti” jedhu irratti Mirreessaa (2014)fi Wingerden (1999) wabeeffachuun yoo ibsu,

Gareewwan jechootaa jechuun akkaataa jechoonni gareedhaan qindoomanii tajaajila adda addaa kennan yookiin hima keessatti gooda mataa isaanii qabaatan jechuudha. Akka caasluga warra Roomaafi Giriikii duriitti, gareen jechootaa bakka kudhanitti kan qoodaman akka ta'edha. Isaanis: maqaa, xumura, maqibsa, xumuribsa, bamaqaa, durduubee, walqabsiistuu, lakkoofsa, qartuufi miiribsatti (interjection) qoodama jedha.

Akka yaada hayyoota kanneenitti jechoonni akka waliigalaatti garee kudhanitti kan qoodaman akka ta'e nu hubachiisa. Yaada kanarratti hundaa'uun gareen jechoota Afaan Oromoo bakka meeqatti akka qoodaman xiinxaluu ni dandeenya.

Akka Afaan Oromootti fudhannee yoo ilaalle immoo, Afaan Oromoo jechoota garee shanitti qooduun tajaajilama. Yaada kana deeggaruun Geetaachoo R. (2016:÷, f.93) akka ibsutti “Jechoonni Afaan Oromoo akkaataa galmaafi uunka irratti hundaa'uun gareewwan shanitti qoodamu.”

2.2.1.1. Maqaa

Maqaa jechuun itti waamama namaa, iddoo, yaadawaan tokkoofi kan kana fakkaatani ti. Karaa biraatiin immoo, maqaan jecha nama, iddoo, meeshaa, yaadawwan tokkoofi kan kana fakkaatan

bakka bu’u dha (Geetaachoo R.2016÷, f. 93). “Nouns are words that are used to name, places, things, quality, quantity, activities or conditions”(Kassahun D. 2011÷, f. 18). Dabalataan, yaada kana Argaw S. (2007÷,f. 32) yoo ibsu, “Noun are words that are used to name persons, places, things, qualities, activities or conditions.”

Fakkeenyaaf (12)

- a. **Caaltuun** barattuu dha.
- b. **Finfinneen**handhuura Oromiyaati.
- c. **Birbirsi** muka guddaa dha. (Geetaachoo R.2016÷,f.93)

Himoota fakkeenya olii kana keessatti jechootni gurraacheeffan maqaa yoo ta’an dhamjecha matim mul’istuu ofitti maxxanfataniiiru.

2.3.1.2. Maqibsa

Afaan Oromoo keessatti jechoonni maqoota yookiin bamaqoota faana bu’anii yookaan hordofanii odeeffannoo haala maqootaa yookaan bamaqootaa laachuudhaan nu tajaajilan maqibsii (ibsa maqaa) jedhama (Geetaachoo R.2016÷,f. 101).

An adjective is a word that modifies a noun or a pronoun. The word modify means “to change or add to in some way”. Adjectives are used to tell which one, what kind/type” (Tewodros, 2006, p.47). Dabalataan, “Adjectives are words that modify a noun, or pronoun. Adjectives are called modifiers because they limit, or modify the meaning of the word they describe” (Argaw S.2007:85).

Yaada olii kanarraa akka hubanutti, maqibsi jecha maqaafi bamaqaa jedhaman ibsuuf kan tajaajilu akka ta’e dha.

Fakkeenya (13)

- a. Intala **gaarii** qabda.
- b. Muka **jiidhaa** falaxe.
- c. Sa’a **adii** bite. (Geetaachoo R.2016÷,f.101)

Himoota fakkeenya olii keessatti jechoonni gurraacheeffaman maqibsoota dha. Isaanis, maqaalee isaan dura jiran ibsuuf kan galaniidha.

2.3.1.3. Xumura

Hojii hojjatame tokko keessatti yookaan gocha raawwatame tokko xumuramuu kan agarsiisu xumura jedhama. Xumurri mathima qeenxee waliin galuufi mathima danuu waliin galu tokko miti. Xumurri mathima danuu waliin galu dhamjecha ‘-an’ yookiin ‘-n’ maxxanfachuudhaan walta’iinsa mathimaafi xumuraa agarsiisu (Geetaachoo R.2016÷, f. 104).

“A verb is a word that tells or asserts something about the subject. It is the most important word in a sentence” (Argaw S.2007÷,f. 173). Akka yaada barreessaa kanaatti xumura jechuun jecha waa’ee mathimaa waa jedhuufi hima keessatti jecha baay’ee barbaachisoo ta’edha. Dabalataan, yaada kana Kassahun D. (2011÷, f.39) yoo ibsu, “A verb is a word that says something about a person or a thing. It is a word or group of words that expresses an action or an event or a state. A verb is one of the ten parts of speech” jedha.

Fakkeenya (14)

- a. Tolaan saree **ajjeesse**.
- b. Caalaan Finfinnee **deeme**.
- c. Isheen buddeena **nyaatte**.

Himoonni fakkeenya (a-c) jiran keessatti gurraacheeffamanii argaman xumuradha. Isaanis, himoota keessatti wanta raawwataman agarsiisu.

2.3.1.4. Xumuribsa (Gochibsa)

Ibsi xumuraa yookaan xumibsi hima tokko keessatti xumura dura dhufuudhaan akkaataa yookiin haala, yeroo, iddoo, sababa, irradeddeebii gocha tokkoofi kan kana fakkaatan kan ibsani” (Geetaachoo R.2016÷,f.104).

“Adverbs are words that modify the meaning of verbs, adjectives or another adverbs” (Argaw S.2007÷,f.117). Yaada olii kanarraa wanti hubannu, xumribsi jecha hiika xumuraa, maqibsaa yookiin xumuribsa biroo kan ibsu akka ta’edha. Dabalataan, Kassahun D.(2011÷, f. 72) yoo ibsu, “an adverb is a word used to qualify all parts of speech except a noun and a pronoun” jedha.

Fakkeenya (15)

- a. Caalaan **suuta** deema.
- b. Ijoolleen Dhaabaa **baay'ee** fiigu.
- c. Caaltuun **gaangedhaan** deemte.

Himoota fakkeenya olii keessatti jechoonni gurraacheffaman unka isaanitii maqaa yoo ta'an tajaajilaan garuu xumuribsadha..Xumura dura galuun haalaafi sadarkaa akka mul'isan nu hubachiisa.

2.3.1.5. Durduubee/ Firoomsee


“Durduubeen garee jechootaa keessaa tokko dha.Haata'u malee, akka maqaa,gochimaafi maqibsaa qabiyyee mataa isaanii hin qaban.Kanaafuu,jechoota hiikaa waliin yoo ilaalaman malee hiikni isaanii addaan hin ba'u”(Addunyaa B.2012÷,f.132).

Fakkeenya (16)

- a. Tolaan **akka** fardaa fiiga.
- b. **Waa'ee** Caalaa natti hime.
- c. Abdiisaan **gara** Amboo deeme.

Fakkeenya olii keessatti jechoonni gurraacheffaman durduubee jedhamu.

Addunyaa B. (2016÷, f. 66) akka ibsutti, Duurduubeewwan of danda'oos ta'ee hirkatoon duraafi duuba jecha tokkoo galuun hidhata jechichi kanneen biroo waliin qabu ifa baasu.Kanneen unka isaanitiin hirkatoo ta'an duuba jechaa yoo galan, kanneen of danda'oo ta'an garuu duras ta'ee duuba galuun tajaajiluu danda'u.Ibsi hanga ammaatti taasisne, caatoo kanaan gadiitiin agarsiisnee jirra.



Caatoo kana irraa akka hubatamutti, durduubeen uunkaafi bakkaan bakka gurguddaa lamatti qoodamuu ni danda'a. Uunkarratti hundaa'uun, of-danda'oofi hirkatoo jedhamee qoodamuu danda'a. Bakkaan immoo, dura kan galaniifi duuba kan galan jennee qooduu dandeenya.

2.3. Gaalee

“Gaaleen jecha yookaan garee jechootaa hojii tokko kan hojjatu, kan xumura mataasaa hin qabne. Gaaleen qaama himaati. Gaaleen tajaajila jechoonni garee adda addaa kennuu danda'an kennuu ni danda'a” (Geetaachoo R. 2016÷, f. 68). Gaaleen caasaa tuuta jechootaa irraa kan ijaramu ta'ee xumura mataasaa kan hin qabne jechuudha. Gaalee ilaalchisani hayyoonni yaada garaagaraa kaasu. Kunis, gaaleen jecha tokko irraa ijaaramuu hin danda'u yaada jedhuufi gaaleen jecha tokko irraa ijaaramuu ni danda'a kan jedhudha.

Akka Donna fi Laurel (2010:f, 214) irratti ibsanitti, “In traditional grammar, phrases are groups of words forming a coherent group. In generative grammar, phrases are defined as sequences of words or a single word having syntactic significance: that is, they form a constituent” jedhu. Akka warra yaadxina duriitti gaaleen walitti qindaa'ina jechootaa kan mathimaafi mathim mul'istuu mataa ofii kan hin qabnedha.

Akka yaadxina maddisiisaatti immoo, gaaleen gurmaa'ina jechootaa yookiin jecha qeenxee ta'ee bakka bu'ummaa xiinhimaa keessatti kan qabudha jedhu. Yaada kana irraa akka hubanutti, yaadni gaalee ilaalchisee gama yaadxina duriitiin kenname jechi tokko qophaasaa gaalee ta'uu akka hin dandeenye yoo ta'u, gama yaadxina ammayyaatiin garuu, jechi tokko hamma mataa gaalee sanaa ta'ee galetti gaalee ta'uu akka danda'udha.

2.3.1. Gosoota Gaalee

Akka Addunyaa (2016÷, f. 84) ibsutti, “Gosni gaaleewwanii kunneenis maqaa gareewwan jechootaa kanaan waamama. Kana jechuun, gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee durduubeefi gaalee gochimaa ta'u jechuudha. Kanaafuu, gaalee Afaan Oromoo bakka afuritti qonna.”

Yaada kana deeggaruun Rabbirraa (2011÷, f. 88) yoo ibsu, “Gaaleen garee jechootaa waliin hiriiruun gaalee uumaniifi mataa gaalee sanaa irratti hundaa'uun bakka afuritti qoodama.” Akka

hayyoonni kunneen ibsanitti gaaleen Afaan Oromoo garee jechootaa bu'uureffachuun bakka afuritti kan qoodamu akka ta'edha.

2.3.1.1. Gaalee Maqaa

Gaalee maqaa ilaalchisee Abarraa, Nagaasaa, Lammii, Yeneenaafi Wandoosan (1998:f,314) irratti yoo ibasn, "Gaaleen maqaa maqaafi maqaa irraa yookiin maqaafi jechoota maqicha ibsuuf wajjin caaseeffaman (addeessa, eertoo, lakkoofsa, maqdhaala) irraa qindeeffama. Gaalee maqaa keessatti maqaan jecha mummichaati" jedhu.

Gosa gaalee himuuf jecha gaalee sana keessatti mataa ta'ee gale beekuu qabna. Maqaa gaalee kan murteessu jecha gaalee san keessatti mataa ta'ee gale sani. Kana jechuun mataan gaalee sanii maqaa yoo ta'e gaalee maqaa, mataan gaalee sanii xumura yoo ta'e immoo, gaalee xumuraa jedhama; gareewwan jechootaa birootifis akkasuma. Gaaleen maqaa gaalee miseensota isaa keessaa maqaan mataa ta'ee galedha (Geetaachoo R.2016÷, f. 69).

Waa'ee gaalee maqaa ilaalchisee Rabbirraa (2011÷, f.88) akka ibsutti, "Gaaleen maqaa garee jechootaa hojii tokko hojjatan ta'anii kanneen mataan gaalee isaanii maqaa ta'edha. Gaaleen maqaa walitti hiriiruu maqaafi maqaarraa, akkasumas maqaafi maqibsarra ni ijaarama."

Akka yaada hayyoota kannen irraa hubachuun danda'amutti gaaleen maqaa mataan gaalee sanaa maqaa yoo ta'edha. Akkasumas, gaaleen maqaa maqaafi maqaa, maqaafi maqibsa irraa ijaaramuu akka danda'udha.

Fakkeenya (20)

Gaalee maqaa maqaafi maqaa irraa uumame

- a. Mana citaa
- b. Sa'a aannanii
- c. Dallaa loonii (Rabbirraa T.2011÷, f.88)

Fakkeenya (21)

Gaalee maqaa maqaafi maqibsa irraa ijaaramuu danda'a

- a. **Hoolaa** gurraacha

- b. **Muka** gabaabaa
- c. **mana** bareedaa (Rabbirraa T.2011÷,f.88)

Fakkeenya armaan olii kanneen irraa akka hubanutti gaaleen maqaa maqaafi maqibsarraa ijaaramuu akka danda'anidha. Jechoonni **hoolaa, muka, mana** jedhan mataa gaalee kanneeniti.

2.3.1.2. Gaalee Addeessaa

“Gaaleen addeessaa gaalee mataan isaa addeessaa ta'edha. Gaaleen addeessaa mataan keessaa hafuu hin dandeenyeefi miiltoof murteessituu immoo qabaachuus dhiisuus kan danda'udha. Gaalee addeessaatiif miiltoof ta'uu kan danda'u durduubee yoo ta'u, yeroo hundaa miiltoon gaalee addeessaa mirgarraa gara bitaatti mataarraa fagaachaa deema” (Rabbirraa T.2011÷, f.89).

Dabalataan, Addunyaa (2016÷, f.86) yoo ibsu, “Gaaleen maqibsaa caasaa mataan isaa maqibsa ta'edha. Akkuma gaalee maqaa, gaaleen maqibsaas mataa qofaarraa ijaaramuu danda'u.”

Fakkeenya (22)

- a. sammudhaan **blichataa**
- b. Caalaarra **bareedaa**
- c. Akka Siifan **magaala** (Rabbirraa T.2011÷, f.89)

Fakkeenya kanarraa akka hubanutti gaalee kanneen keessatti jechoonni gurraacheffaman mataa gaalee maqibsaati.

2.4.1.3. Gaalee Firoomsee/Durduubee

“Gaaleen durduubee caasaa mataan isaa durduubee ta'edha. Afaan Oromoo keessatti gaaleen mataa kana qofaan ijaaramu hin jiru. Qabanni isaa durduubeen jechoota tajiijilaa keessaa tokko ta'uu isaati. Durduubeewwan afaanichaa miseensota kanneen ofitti fudhachuun caasaa isaanirra guddaa tokko ijaarachu danda'u” (Addunyaa B.2016÷, f. 87). Yaada kana deeggaruun Rabbirraa (2011÷, f.90) yoo ibsu,

Gaaleen firoomsee gaalee mataan isaa firoomsee ta'edha. Gaaleen firoomsee tajaajila caashugaa agarsiisuu malee qabiyyee mataasaa waan hin qabneef akka maqaafi maqibsaatti mataa qofaan ijaaramuu hin danda'u. Mataan gaalee firoomsee keessatti miiltoof duratti yookiin boodatti argamuu danda'a. Kun immoo, gaaleewwan biroorraa

adda isa taasisa.Gaaleen firoomsee yeroo tokko tokko gaalee firoomsee dhuma akka miiltootti fudhachuu ni danda'a(Rabbirraa T.2011÷, f.90).

Yaada hayyoota olii kanneen irraa akka hubanutti gaalee durduubee keessatti mataan gaalee durduubeedha.Gaaleen durduubee gosoota gaalee kaan irraa wanti adda isa taasisu miiltoo malee dhaabachuu waan hin dandeenyeefidha.Akkasumas, mataan gaalee durduubee miiltoo irraa gara mirgaafi bitaatti argamuu akka danda'udha.

Fakkeenya (23)

- a. **gara manaa**
- b. **mana jala**
- c. **waa'ee mataa** (Addunyaa B.2016÷,f.88)

Fakkeenya olii kana keessatti jechoonni gurraacha'an mataa gaalee durduubeeti.

2.4.1.4. Gaalee Gochimaa

“Gaaleen kun gochima mataa taasifata.Akkuma gaaleewwan kanneen biroo gochima mataa ta'e qofarraas ijaaramuu danda'a.Kana jechuun, gochimni tokko daangaa gaalee gochimaa tokko qabatee jiraachuu danda'a jechuudha” (Addunyaa B.2016÷ f. 89).Yaaduma kana deeggaruun Rabbirraa (2011÷, f.90) yoo ibsu,

Gaaleen gochimaa gaalee mataan isaa gochima ta'edha.Gaaleen gochimaa akkuma gaaleewwan biroo ergaa guutuu kan hin dabarsine yoo ta'e illee kanneen kaan caalaa yaada nuqabsiisuu kan danda'udha.Gaaleen gochimaa mataa,miiltoofi murteessituu of keessaa qaba.Mataan gaalee gocha ta'ee darbe,gocha ta'aa jiruufi kan si'achi ta'u kan addeessudha.Gaalee gochimaa keessatti ciroon akka miiltoo sadarkaa lammaffaatti tajaajiluu ni danda'a.Gabaabumatti ,gaaleen gochimaa gaalee mataan isaa gochima ta'edha (Rabbirraa T.2011÷,f. 90).

Akka yaada hayyoota olii kanaatti gaaleen gochimaa mataan isaa gochima akka ta'efi ergaa guutuu dabarsuu akka hindandeenye nu hubachiisa.

Fakkeenya (24)

- a. **fiigee gale.**
- b. **utaalee ce'e.**
- c. **saffisaan barreessite.** (Rabbirraa T.2011÷,f. 90)

Fakkenya olii kanneen keessatti gochimooni ‘gale’, ‘ce’e’, ‘barreessite’ jedhan mataa gaalee kanneeniti. Kanaafuu, gaalee gochimaa keessatti mataan dhumarratti argamuu akka danda’udha.

2.5. Hima

Himni caasaa Afaan Oromoo keessaa tokkoo ta’ee gareen jechootaa bakka tokkotti walitti qindaa’uun ergaa guutuu kan dabarsu, fudhatama kan qabuufi sirna tuqaaleen kan xumuramu dha. Yaada kana deeggaruun Geetaachoo (2016÷, f.77) yoo ibsu, “Gulummoofi xumurtuu qabaatee yaada guutuu kan dabarsuufi sirna tuqaaleetiin kan xumuramu hima jedhamee beekama. Karaa booroo, hima jechuun jechootni walitti dhufuudhaan yaada guutuu fudhatamaafi qindaa’aa ta’ee ergaa guutuu kan dabarsuufi sirna tuqaaleetiin kan xumuramu jechuu dha.”

“A sentence is a word or a group of words that expresses a complete thought. A group of words may not be a sentence unless it expresses a complete thought” (Argaw S. 2007÷, f.1). Akka waraabii olii kanarraa hubachuun danda’amutti, hima jechuun jecha yookiin gareewwan jechoota yaada guutuu dabarsani dha. Gareen jechootaa kun yaada guutuu hin dabarsu taanaan hima jechuu akka hin dandeenyee dha. Akkasumas, yemmuu barreessinu himoonni keenya gaaffilee gurguddoo lamaan kanneen deebisuu akka danda’an mirkaneessuu qabna. Gaaffileen kunneenis maaltu raawwatame kan jedhuufi eenyutu raawwate kan jedhan akka ta’e irraa hubanna.

A sentence is a group of words that makes complete sense. In other words, it is a specific means of organizing words to create meaningful statement. Some scholars underlined that it is the key element in the process of expressing ideas” (Molla M. 2016÷, f. 230).

Akka waraabii kanarraa hubatamutti, hima jechuun garee jechootaa ta’ee yaada guutuu kan uumu dha. Karaa biraatiin immoo, qindoomina jechootaa ta’ee ibsa hiikaqabeessa kan uumu dha. Hayyoonni muraasni akka ibsanitti adeemsa yaada ibsachuu keessatti wanta ijoo akka ta’ee dha. Dabalataan waa’ee himaa ilaalchisee Kassahun D. (2011÷, f.1) yoo ibsu akkas jedha, “A sentence is a group of words, usually containing a verb that expresses a thought in the form of a statement, question, instruction or exclamation and starts with a capital letter when written.”

Akka Rabbirraa (2011÷, f.111) ibsutti, “Himni walitti dhufeenya jechootaa yookiin waliin qindaa’ina garee jechootaa irraa kan ijaaramu ta’ee, ergaa guutuu dabarsuu kan danda’udha. Himni qindeeffama jechootaa mathimaafi xumura qabaatee yaada guutuu kan dabarsuufi sirna tuqaaleetiin kan xumuramudha.” Hiika himaa ilaalchisuun Cook (2003÷, f.26) yoo ibsu,

“Sentence is defined as containing a complete thought and was composed of subject about which something is said and predicate, about the subject” jedha. Waraabbiin kun akka ibsutti hima jechuun ergaa guutuu kan dabarsuufi mathimaafi gochima kan qabu akka ta’e dha.

“A sentence is a grammatical unit of one or more words that starts with a capital letter and ends with a full stop or its equal (!or?) and expresses an independent statement” (<http://www.une.edu.au/>). Akka waraabbii toora intarneetii kanarraa hubanutti himni safartuu caaslugaa jecha tokko ykn jechoota hedduu qubee guddaan kan jalqabaniifi tuqaa, mallattoo raajeffannoofi mallattoo gaafiin kan xumuramuu ta’ee ergaa of danda’e kan ibsuu ta’uu isaa irraa hubanna.

Fakkeenya (25)

- a. Dubartii ogeettiin utubaa manaati.
- b. Caalaan mana ijaare.
- c. Mana barumsaa deemi!

Himoonni fakkeenya armaan olii keessatti dhiyaatan caasaa hima Afaan Oromoo kan guutanidha. Himoonni kunneenis ergaa guutuu kan dabarsaniifi sirna tuqaaleen kan xumuramandha. Akkasumas, qaamolee himaa hunda kan qaban akka ta’an hubanna.

Akka yaada olii kanarraa hubachuun danda’ametti qabiyyeen himaa tokko matihima, aantimaafi gochima of keessatti hammachuu qaba. Kunis, yoo xiqqaate matimaafi xumura dirqama qabaachuu qaba. Kanaan achii ergaa guutuu dabarsuu hin danda’u. Akka caasaa Afaan Oromootti yoo fudhannee ilaalle immoo, qaamolee himaa kanneen duraaduubaan dhiyeessuu akka qabudha. Kunis, matihima, aantimafi xumura jedhee dhiyeessuu akka qabudha. Sababiin isaa, caasaa himaa afaanii afaanitti garaagarummaa waan qabuufidha.

2.6. Gosoota Himaa

Gosoota himaa ilaalchisee hayyooleen yaada gara garaa ibsu. Qoodinsa gosoota himaa ilaalchisee Molla M. (2016÷, f.230) yoo ibsu akkas jedha,

Sentence could be classified either based on their structure or the meaning they convey. Based on structure, they are sorted as simple, compound, complex and compound complex. It is also possible to categorize sentences based on the meaning they convey as declarative, interrogative, exclamatory and imperative.

Akka waraabbii kanarraa hubatamutti, himni qoodamuu kan danda’u caasaarratti hundaa’ee yookiin hiika inni dabarsu irratti hundaa’eeti. Caasaarratti hundaa’uun hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaafi hima dachaa xaxamaa jedhamu. Hiika dabarsan irratti hundaa’uun immoo, hima himaamsaa, hima gaaffii, hima raajeffannoofi hima ajajaa jedhamu.

Akka afaan oromooti fudhannee yoo ilaallus gosoota himaa tajaajilaafi caasaarratti hundaa’uun kan qoodamanii dha.

“Afaan Oromoo keessatti himni akka tajaajilasaafi akkaataa caasaa seer-lugaa irratti hundaa’uudhaan bakka lamatti qoodama” (Geetaachoo R.2016÷, f. 87). Yaada kana deeggaruun Rabbirraa (2011÷, f. 114) akkas jedha, “Himootni Afaan Oromoo ulaagaalee bu’uuraa lama irratti hundaa’uun bakka gara garaatti qoodamu. Ulaagaaleen kunneenis: tajaajila himichi kennuufi unkaa himichi qabudha.”

2.6.1. Gosoota Hima Tajaajilarratti Hundaa’uun

Afaan Oromoo keessatti himoonni tajaajila isaan kennan yookiin ergaa isaanii irratti hundaa’uun bakka gara garaatti qoodamuu danda’u. Yaada kana deeggaruun Rabbirraa (2011÷, f.114) akka ibsutti, “Afaan Oromoo keessatti himootni tajaajila isaaniirratti hundaa’uun bakka afuritti qoodamu. Isaanis: hima addeessaa/himaamsaa/, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannooti” jedha.

2.6.1.1. Hima Addeessaa/Himaamsaa

“Hima addeessaa jechuun akaakuu himaa ta’ee ta’insa waan tokkoo, jijjiirama waan tokkoo, waan tokko iddoo itti argamuufi kan kana fakkaatu hubannoo qabnu waliin qindeessuun hima itti ibsinu,” (Geetaachoo R.2016÷, f.87). Itti dabalee Rabbirraa (2011÷, f.114) yoo ibsu, “Himni addeessaa akaakuu himaa ta’ee ta’insa waan tokkoo, jijjiirama waan tokkoo, bakka wanti tokko itti argamuufi kan kana fakkaatu hubannoo qabnu ibsuuf kan ooluufi sirna tuqaalee keessaa tuqaatiin kan xumuramudha” jedha.

Akka yaada olii kanarraa hubanutti himni himaamsaa ergaa waan tokkoo kan dabarsuufi sirna tuqaalee keessaa tuqaadhaan kan xumuramu akka ta'edha. Akkasumas, ta'iinsa waan tokkoo, bakka argama waan tokkoo odeeffannoo kan dabarsudha.

Fakkeenya (29)

- a. Foonichi cooma.
- b. Caaltuun barsiistuu taate.
- c. Barattootni daree jiru.

Himootni fakkeenya olii keessatti argaman odeeffannoo dabarsuuf yookiin himuuf kan tajaajilan akka ta'eefi sirna tuqaalee keessaa tuqaan kan xumuranidha.

2.6.1.2. Hima Gaaffii

“Himni gaaffii akaakuu himaa ta'ee, hima yaada tokkoof deebii barbaadudha. Himni gosa kanaa, jechoota iyyaafannoo ta'anitti fayyadamuun waa'ee gulummoo yookiin hojii gulummoo ibsuuf kan ooludha. Himni gaaffii mallattoo gaaffiin xumurama” (Rabbirraa T.2011÷, f.115).

Dabalataan Addunyaa (2016÷, f.103) yoo ibsu, “Gaaffima jechi jedhu jechoota ‘gaaffiifi hima’ jedhurraa ijaarame. Kunis, waa'ee waan tokkoo odeeffannoo barbaaduuf akaakuu himaa itti fayyadamnudha. Himicha gaaffima kan taasisuus mallattoo gaaffii of irraa qabaachuu isaati” jedha. Waraabii kanarraa wanti hubatamu himni gaaffii deebii kan barbaaduufi mallattoo gaaffiin kan xumramu akka ta'edha.

Fakkeenya (30)

- a. **Eenyutu** balbala rukute?
- b. Caalaan **maal** nyaate?
- c. Hawwiin kitaaba **maal** goote? (Addunyaa B.2016÷, f.103)

Himoota fakkeenya olii kanneen keessatti jechoonni ‘eenyu’, ‘maal’ fi ‘maal’ jedhan gaaffima ta'uu isaanii agarsiisu.

2.6.1.3. Hima Ajajaa

Hima ajajaa jechuun ergaan isaa ajaja, kadhaa, dheekkamsa kan of keessaa qabuufi mallattoo raajeffannoo yookiin tuqaan kan xumuramudha. Akka Rabbirraa (2011÷, f.115) jedhutti, “Gosti himaa kun ergaa yookaan ajaja dabarsuu irratti kan bu’uureffame ta’ee dheekkamsa, affeerraa, kadhaafi kan kana fakkaatu kan of keessaa qabudha. Himni ajajaa mallattoo raajeffannoo yookiin tuqaatiin xumurama.” Dabalataan, Harmer (1987) akka ibsutti, “Imperative sentences usually do not have a subject; they are used to give instructions or commands.” Akka ibsa kanaatti himni ajajaa qajeelfama yookiin ajaja kan dabarsu fi mathimni isaa garuu ifatti mul’achuu dhiisuu danda’a.

Fakkeenya (31)

- a. Ka’i fooodaa cufi!
- b. Gara hojii deemi!
- c. Yeroo keetti seeraan fayyadami. (Rabbirraa T.2011÷, f.115)

Himoota fakkeenya olii keessatti argaman (a)fi(b) ergaan isaanii ajaja yoo ta’u, hima(c) keessa kan jiru immoo, gorsa of keessaa qaba.

2.6.1.4. Hima Raajeffannoo

Akka Geetaachoo (2016: f, 88) ibsutti, “Himni raajeffannoo hima waan tokko raajeffachuuf yookiin dinqisiifachuuf gargaaru.” Itti dabalees Rabbirraa (2011÷, f.116) yoo ibsu, “Himni raajeffannoo immoo, yaada nama ajaa’ibsiisuufi yaada nama gaddisiisu kan of keessaa qabu ta’ee yeroo hunda waan miira namaa tuqu ibsuuf yookiin dhiyeessuuf kan ooludha” jedha.

Akka waraabbii olii kana irraa hubanutti himni raajeffannoo wanta nama ajaa’ibsiisan yookiin dinqisiisan, naasisanfi kan kana fakkaatan agarsiisudha. Akkasumas, mallattoo raajeffannoon kan xumuramu ta’uu isaati. Dabalataan akka Larsen-Freeman (1991) ibsutti, “Eclamatory sentences show surprise and end with an exclamation mark. They can begin with or how.” Waraabbii kana irraa akka hubannutti himni raajeffannoo dinqisifannaa kan agarsiisu ta’ee dhumarratti mallattoo raajeffannoon kan xumuramudha.

Fakkeenya(32)

- a. Uggum! Yaa rabbi na oolchi!
- b. Akkam bareeddi!
- c. Nama gaarii akkamii seete!

Himoota fakkeenya olii kanneen keessatti ergaan mul'atu dinqisiifannaafi naasuu akka ta'aniifi mallattoo raajeffannoon kan xumuraman ta'uu hubanna.

Gosoota himaa olitti tarreeffaman kanneen yoo xiinxallu qoodinsi isaanii kan raawwate ergaa yookiin tajaajila isaan dabarsan irratti hundaa'udha. Akka afoonota warra biroo kan Afaan Oromoos yaaduma olii kana kan deeggarudha.

2.6.2. Gosoota Himaa Unkarratti Hundaa'uun

Caasluga Afaan Oromoo keessatti himni unkarratti yookiin caasaarratti hundaa'uun bakka adda addaatti qoodama. Qoodiin kunis ergaafi xumura of keessaa qaburratti hundaa'uun akka ta'e dha. Yaada kana deeggaruun Geetaachoo (2016÷, f.88) yoo ibsu himoonni seerluga irratti hundaa'uun bakka afuritti akka qoodamu danda'an eereera. Itti dabalees, Rabbirraa (2011÷, f.116) yoo ibsu, "Himootni Afaan Oromoo unkaa isaanirratti hundaa'uun bakka afuritti qoodamu. Isaanis: hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaafi hima dachaa xaxamaa dha."

Qoodinsa himaa caasaarratti hundaa'ee afaanota kan biroo keessattille yoo ilaallu kan Afaan Oromoo wajjin kan wal gitudha. Akka toorri intarneetii ibsutti, Afaan Ingiliffaa keessattis caasaarratti hundaa'uun hima bakka afuritti kan qoodedha. (<http://www.adelaide.edu.au> > default > files > docs)

2.6.2.1. Hima salphaa

Akka Geetaachoo (2016÷, f.88) ibsutti, "hima salphaa jechuun xumurtu tokko qofaa qabaatee ergaa guutuu tokko kan dabarsu. Hima salphaan ciroo of danda'aa tokko." Dabalataan Rabbirraa (2011÷, f.116) yoo ibsu, "Himni salphaa hima xumura tokko qofa qabu yookin immoo ciroo of danda'aa dha. Himni salphaan matima cimtii of keessaa qabaachu danda'a."

Akka toora intarneetii irraa wabeeffatameetti “A simple sentence contains a subject and a verb. It expresses a single complete thought that can stand on its own”jedha (<http://www.lamission.edu/>). Waraabii kana irraa akka hubanutti himni salphaa mathimaafi xumura kan qabu ta’ee yaada qeenxee kan of keessaa qabuufi of danda’ee kan dhaabatu ta’uu isaati.

A simple sentence has a subject, verb and object. Your subject, is the noun at the beginning of your sentence. It is the doer of the action to follow your verb is the action word that describes what the noun is doing. And your object is every thing that follows your verb. It is the result of the action taking place ([http://www.adelaide.edu.au > default> files> docs](http://www.adelaide.edu.au/default/files/docs)).

Akka toorri intarneetii ibsutti, hima salphaa jechuun mathima, aantimaafi gochima kan of keessaa qabudha. Mathimni maqaa jalqaba himaa irratti argamudha. Xumurri jecha wanta maqaan raawwate ibsu yoo ta’u, aantimni immoo, wanta xumuratti aanee dhufu hundadha. Yaada kanarratti hundaa’uun caasaa hima Afaan Oromoo yoo ilaalle garaagarummaa ni qabaatu. Afaan Oromoo keessatti mathimni jalqaba yoo galu, itti aanee aantimatu dhufa. Xumurri immoo, dhuma himaa irratti kan galudha. Kunis kan nutti agarsiisu afaan kamiyyuu seera mataa isaa qabaachuu isaati. Kanaafuu, garaagarummaan afaanota gidduu jiru kan hiikaa osoo hin taane kan caaslugaati.

Fakkeenya (33)

- a. Caalaan boru deema.
- b. Boontuun bishaan dhangalaaste.
- c. Tolaa fi Siifan taphachaa jiru. (Rabbirraa T.(2011÷, f.116)

Himooni fakkeenya olii keessatti argaman kunneen xumura tokko qofa kan qabanifi ergaa tokko qofa kan dabarsan ta’uu isaani hubanna. Akkasumas, matima isaani yoo ilaale fakkeenya (a) fi (b) irra kan jiran matima qeenxee yoo qabaatan, fakkeenya (c) irra jiru garuu, matima dachaa of keessaa kan qabu ta’uu ilaala.

2.6.2.2. Hima Dachaa

Akka caasluga Afaan Oromootti hima dachaa jechuun xumura lamaafi isaa ol kan qabuufi ergaa lamaafi isaa ol kan qabaachuu danda’uudha. Himoota kanneenis walqabsiistootaan kan walitti hidhamanidha. Yaada kanas Geetaachoo (2016÷, f. 88) yoo ibsu, “Hima dachaa jechuun xumurtuu lamaafi ol of keessatti qabatee yaada lama yookaan isaa ol dabarsuu kan danda’u. Hima dachaan

ciroo dhaabbataa lamaafi ol kan of keessa qabate jechuudha.” Dabalataan Rabbirraa (2011÷,f. 117) irratti yaaduma kana deeggara.

A compound sentence has two independent clauses. An independent clause is a part of a sentence that can stand alone because it contains a subject and a verb and expresses a complete thought. Basically, a compound contains two simple sentences. These independent clauses are joined by a conjunction (<http://www.lamission.edu/>).

Akka waraabbii kanarraa hubanutti hima dachaa jechuun ciroo of danda’aa lama kan of keessaa qabu dha. Ciroom of danda’aa kunneen qaama himaa ta’anii qofaa isaanii of danda’anii kan dhaabataniifi walqabsiistuudhaan kan walitti hidhaman akka ta’an nu hubachiisa. Dabalataan, toorri intarneetii yoo ibsu akkas jedha,

In this sentence type, you use and, or, or but to connect two simple sentences together. Each ‘half’ of your compound sentence can stand on its own as a complete sentence. When you write a compound sentence, you have decided that both pieces are related, and therefore can be connected together in to one sentence (<http://www.adelaide.edu.au> > default > files > docs).

Yaada armaan olii kanarraa akka hubanutti, gosa himaa kana keessatti, himoota salphaa lama walqabsiisuuf walqabsiistota akka fayyadammdha. Walakkaan hima dachaa kophaa isaa of danda’ee dhaabachuun ergaa guutuu dabasuu qaba. Yemmuu hima dachaa barreessinu, himoonni lamaanuu walitti hidhatiinsa kan qabaniifi walqabachuun hima tokko kan ijaaran akka ta’e murteessuu qabna.

Fakkeenya (34)

- a. Fayyisaan daree seenee bahe.
- b. Caaltuun ganama kaatee, fuula dhiqattee, ciree ishee nyaattee mana barumsaa deemte.
- c. Gammachuun Naqamte deemee, Amanuun immoo Adaamaa deeme.

Akka fakkeenya olii kanneen irraa hubachuun danda’amutti himoonni kunneen xumuroota lamaafi isaa ol kan of keessaa qabaniifi yaadota lamaa ol kan dabarsan akka ta’an nu hubachiisa.

2.6.2.3. Hima Xaxamaa

“Jechi ‘xaxima’jedhu gaalee ‘hima xaxamaa’jedhu irraa uumame.Hima tokko xaxamaa kan taasisu jiraachuu ciroo hirkataati.Xaximni ciroo of danda’aa tokkoofi ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol irraa ijaaramuu danda’a”(Addunyaa B.2016÷,f.99).

Akka yaada hayyoota garaagaraa irraa hubanutti hima xaxamaa jechuun ciroo hirkataa tokkoofi isaa olfi ciroo of danda’aa tokkoo kan of keessaa qabudha.Akkasumas, ciroon hirkataa walqabsiiftoota of irraa kan qabu ta’uu nu hubachiisa.

A complex sentence connects a dependent clause with independent clause.An independent clause is a simple sentence.It is a sentence that can stand on its own.A dependent clause is a part of a sentence that can not stand on its own.These clauses contain a subject and a verb but do not express a complet thought.However, dependent clauses are very useful in your academic writing because they help you to communicate complex ideas (<http://www.adelaide.edu.au> > default> files> docs).

Toorri intarneetii kun akka ibsutti,himni xaxamaan ciroo hirkataafi ciroo of danda’aa kan walqabsiisu akka ta’edha.Ciroon of danda’aa hima salphaa ta’uu kan danda’uufi kophaa isaa of danda’ee dhaabachuu kan danda’udha.Ciroon hirkataa garuu,qaama himaa kophaa isaa of danda’ee dhaabachuu hin dandeenyedha.Ciroon kun mathimaafi gochima kan qabudha,garuu ergaa guutuu dabarsuu hin danda’u.Kanaaf,ciroon hirkataa barreeffama idilee keessatti baay’ee barbaachisaadha.Sababiin isaas,yaada walxaxaan waliigaluuf gargaara waan ta’eef.

Fakkeenya (35)

- a. Yemmuu gabaa dhaqxu na waami.
- b. Akka argite hin dubbatiin.
- c. Yoo sooromtes,yoo iyyoomtes gorsa abbaa kee hin dagatiin.(Addunyaa B.2016÷,f.,99)

Fakkeenyota olii kanneen keessatti himoonni argaman ciroo hirkataafi of danda’aa kan of keessaa qabandha.Himoota (a)fi (b) irratti kan argaman ciroo hirkataa tokkoofi ciroo of danda’aa tokko yoo qabaatan,himni (c) garuu,ciroo hirkataa tokkoo oliifi ciroo of danda’aa tokko qofa akka qabu nu hubachiisa.

2.6.2.4. Hima Dachaa Xaxamaa

Himni dachaa xaxamaa hima dachaa fi xaxamaa walitti makee kan qabudha. Akka Addunyaa (2016÷, f.100) ibsutti, “Akaakuun hima kanaa ammoo amala dachimaafi xaximaa of keessaa qaba. Himoonni amala kunneen lamaaniin ijaaramaniis Afaan Oromoo keessa hedduudha.

“Kana jechuun, hima tokko keessa himoota sasalphaa yookaan ciroo of danda’aa lamaafi lamaa ol akkasumas, ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol jiraachuu qabu jechuudha.” (Rabbirraa T. 2011÷, f.117) fi Geetaachoo (2016÷, f.89) yaaduma kana deeggaru.

These are the trickiest sentence type. By now, you can probably guess that this sentence type combines a compound sentence with a complex one. So, a dependent clause is combined with a compound sentence. Even though these sentences are indeed tricky, with practice they should become easier to write, and more importantly, easy to read (<http://www.adelaide.edu.au> > default > files > docs).

Akka yaada olii kanarraa hubatamutti, gosti hima kanaa dogoggoraafi rakkisoo akka ta’edha. Himni kun walitti makamiinsa hima dachaa fi hima xaxamaa akka ta’e tilmaamuun nama hin rakkisu. Kunis, ciroo hirkataafi hima dachaa walitti makame jechuudha. Waan kana ta’eef, himni kun yemmuu xumuramus walxaxaadha, yoo shaakalame barreessuuf salphaadha. Akkasumas, salphumatti dubbisuuf baay’ee barbaachisaadha.

Fakkeenya (36)

- a. Yemmuu dhaqes, yemmuu gales, natti goree na gaafatee darbe.
- b. Sooramtullee, iyyoomtullee, ormatti hudduu gatatee fira kee hin miidhiin. (Addunyaa B. 2016÷, f.100)

Fakkeenya olii keessatti akka hubatutti himni (a) ciroo hirkataa lamaafi ciroo of danda’aa sadii kan of keessaa qabudha. Himni (b) ciroo hirkataa lamaafi ciroo of danda’aa lama kan qaban ta’uu nu hubachiisa.

Gosoota himaa olitti eeraman kunneen ergaa isaan dabaran irratti hundaa’uun kan qoodaman akka ta’edha. Akkasumas, caasaa isaan of keessaa qaban irratti hundaa’uun xaximaafi dachima jedhamanii akka waamaman nu hubachiisadha. Ciroo hirkataa of keessaa qaban irratti hundaa’uun xaxamaafi dachaa xaxamaa jedhamee kan waamamu akka ta’edha.

2.7. Yaadxina Qorannichi Bu'uureffate

Yaadxinni qorannoo afaanii adda addaa yeroo garagaraatti afaanota addunyaa qorachuuf oolan maddaa turaniiru. Isaanis: yaadxina xinqooqa durii, yaadxina xinqooqa caasaa, yaadxina xinqooqa maddisiisaa, yaadxina bulchiinsaaf walqabatiinsaafi sagantaa xiqqeenyummaa kanneen jedhaman eeruun ni danda'ama. Kufaatii yaadxina duraaf yaadxina haaraa uumame shoora guddaa taphata.

Yaadxinni caasluga waliigalaa (Universal Grammar Theory) caasluga afaan murtaa'aa ta'e tokkoo caasluga afaanota ilmaan namaa hundatti dimshaashessuun caasluga afaan kamiyyuu hiikuufi ibsuun ni danda'ama yaada jedhu kaa'a. Akkasumas, afaanonni dhala namaa amaloota mul'isan adda addaa maaliif qabaachuu danda'an gaaffii jedhuuf deebii furtuu ta'e kan deebisudha (Radford, 2006: f.12). Dabalataan, Chomsky, (1965: f.5) yoo ibsu, amaloonni afaanonni hundi waliin qabaachuu danda'an yookiin afaan kamiyyuu bu'aa buusaniifi saayinsii keessatti hojirra oolan yaadiddama/ yaadxina caasluga waliigalaa yookiin caasluga falaasamaa jedhamee waamama jedha.

Yaadxinni caasluga caasessaa xiinxala caasaa himootaa irratti hundaa'uun seera afaanii kan ibsu dha. Karaa biroottiin, caaslugni kamiyyuu waa'ee caasaa himaa kan haasa'u taanaan caasluga caasessaati. Bara 1950 mootaa keessa gosti caasluga kanaa bakka buusuun amaleeffatamee ture. Bu'aan yaaxxina caasluga caasessaa kunis booda gara yaadxina caasluga ceesisaatti qoodame. Jalqaba bara 1930 mootaa hanga 1950 tti manni barumsa xinqooqaa baay'ee beekamoo caaseessaa ture. Kunis, Bloomfield waliin hariiroo cimaa kan qabu dha (Firooz Sadighi, Journal of studies in Learning and teaching English. Vol.1, No.2, 2012. 1-18).

Haluma kanaan qorannoon caaslugarratti xiyyeeffatan yaadxina caasessaafi maddisiisaan gaggeeffamuu akka danda'an ni hubanna. Bu'uuruma kanaan kitaabileen wabii kunneen yaadxina caasessaa irratti hundaa'anii kan barreeffaman ta'uu isaanii hubannee jirra. Kanaaf, qoratichis qorannoo kana gaggeessuuf yaadxina caasessaa filatee jira. Yaadxina caasessaa jechuun caasaa afaan tokkoo gadifageenyaan kan xiinxalu dha. Kunis, caasluga afaanichaa tokkoon tokkon kan sakatta'udha.

2.8. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Qorannoowwan hanga ammaatti hojjataman keessaa mata-duree kana waliin hamma tokko walitti dhufeenya kan qaban akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

Toleeraa Shifarraa, (2015), “Xiinxala dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaabilee caasluga Afaan Oromoo: xiyyeeffannoon Furtuufi Saaqaa keessatti mul’atan” mata-duree jedhurratti qorannoo gaggeessee yaada isaa ibsee jira. Kaayyoon qorannoo kanaa qorannoo koo waliin kan wal-fakkaatudha. Malli qorannoon kun ittiin gaggeeffame mala akkamtaatti gargaaramuuni dha.

Argannoon qorannoo kanaa immoo, hanqina dhaaba dhabuu qooddii fufii, lakkoofsa maqaalee Afaan Oromoo, uummama jechootaa keessatti hanqinni rakkoo tishessuufi seera tishoeffama Afaan Oromoo irratti mul’achuu, hanqina qaamolee jechaa eeruu dhabuufi gosa dhamjechaa hubachuurratti walxaxaa ta’uu, hanqinni qaamolee hima Afaan Oromoo keessattuu gochimarratti hanqina akka qaban bira gahamee jira.

Garaagarummaan qorannoo kanaafi qorannoo koo gidduu jiru inni qabiyyee caasluga keessaa caasaa jechaafi caasaa himaarratti kan gaggeesse yoo ta’u, qorannoon koo immoo, qabiyyee caasluga Afaan Oromoo keessaa caasaa birsagaa, jechaa, gaaleefi himaa irratti kan gaggeeffame ta’uu isaati. Tokkummaan qorannoo kanneen lamaanii qabiyyee caasluga Afaan Oromoo kitaabilee wabii irratti gaggeefamuu isaati. Kanaaf, walfakkeenya qorannoo kanneen lamaanitu caalaatti mul’ata.

Shifarraaw Balaayina (2017/2009), “Xiinxala caasaa himaa kitaaba barattootaa kutaa 11^{ffaa}, Caasluga Afaan Oromoo Jildii-1, Furtuufi Tuujuba keessatti” mata-duree jedhurratti qorannoo gaggeessee yaada isaa ibseera. Kaayyoon qorannoo isaas qorannoo kiyya waliin kan wal-gitu dha. Malli qorannoon kun ittiin gaggeeffame mala qorannoo waliin madaalawaa fayyadamuuni. Argannoon qorannoo kanaas, haalli dhiheenya caasaa hima xaxamaa kitaaba wabii Furtuufi kitaaba barnootaa walfakkeenya akka qabudha. Akkasumas, kitaaba wabii Furtuu keessatti akkaataan dhiheenya fakkeenya hima dachaa xaxamaa hanqina akka qabu bira gahameera.

Haaluma kanaan garaagarummaan qorannoo isaa qorannoo kanarraa qabu, caasaa himaa kitaaba barataa kutaa 11^{ffaa}fi kitaabilee wabii Furtuu, Tuujubafi Jildii-1 irratti kan xiyyeeffate ta’uu

isaati.Akkasumas,qorannoo kana qorannoo isaa irraa kan adda taasisu qabiyyee caaslugaa kitaabilee wabii Semmoo,Natoofi Gadaa irratti kan adeemsifamu ta'uu isaati. Dabalataan, qorannoon koo mala qorannoo qulqulleeffataatti kan dhimma bahe yoo ta'u,qorannoon isaa immoo,mala qorannoo waliin madaalawaatti kan gargaaramedha.Walfakkeenyi isaanii immoo,qabiyyee caaslugaa kitaabilee wabii irratti gaggeeffamuu isaati.

Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa

3. Seensa

Boqonnaa kana jalatti qabxiileen ijoo gadi fageenyaan dhiyaatan mala qorannichaa, madda odeeffannoo, saxaxa qorannichaa, meeshaalee funaansa ragaalee, mala qaaccessa ragaalee kan dhiyaatan ta'a.

3.1. Malleen Qorannichaa

Mala qorannoo jechuun qorannoon tokko akkamitti odeeffannoo akka sassaabuufi ragaaleen sassaabaman immoo, akkamitti akka qaaccessuun danda'amu kan nutti agarsiisudha. Bu'uuruma kanaan qorataan tokko gosa qorannoo adda addaatti fayyadamuu danda'a. Qorannoon kunis malleen qorannoo keessaa mala qorannoo akkamtaatti kan gargaaramedha. Sababiin isaas malli qorannoo kun odeeffannoo qulqulluufi qabatamaa ta'e argachuuf waan gargaaruuf dha. Yaaduma kana deeggaruun Addunyaa B. (2011:59) yoo ibsu,

“Mala akkamtaa gosa qorannoo kan ragaalee ibsaafi oduudhaan dhiyaatanu argachuuf jecha ittiin sakatta'amudha. Ibsa birootiin, qorannoo akkamtaa jechuun herregaafi istaatiksii wayita raawwii funaansaafi qaaccessaa ragaa kan ittiin dhimma hin baane ta'eedha.”

Kaayyoo qorannichaa kana galmaan ga'uudhaaf qoratichi malleen qorannoo garagaraa jiran keessaa mala qorannoo akkamtaatti/qulqulleeffataatti gargaaramuun kan adeemsifamedha. Sababni gosti qorannoo kun filatameefis, qorannoon ragaalee dookumantii adda addaa sakatta'uudhaan walqabatu gosa qorannoo kana jalatti galuu danda'a waan ta'eefidha.

Kanaaf, qorannoon kun gosa qorannoo akkamtaatti (qulqulleeffataatti) fayyadamuun qorannoo gaggeeffamedha. Sababiin isaas qorannichi sakatta'a kitaabilee waan ta'eef, qoratichi odeeffannoo argate jalqaba gabatee keessatti erga dhiyeesse booda jechaan kan xiinxaleedha.

3.2. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti qabiyyeen caaslugaa kitaabilee wabii kanneen keessaa sakatta'uun erga funaannatee booda xiinxaluudhaan ibsi kan itti kennamuufi kan qeeqamu waan ta'eef qoratichi saxaxa ibsaatti (descriptive) kan dhimma bahedha. Sababiin isaas, saxaxa qorannoo jechuun jalqabarraa kaasee hanga xumuraatti qorannoon tokko maal fakkaachuu akka qabuufi qorannoo sanaaf haala kan mijeessudha. Haaluma kanaan, qorannoon kunis yemmuu gaggeeffamu qorataan kitaabilee wabii kanneen gadifageenyaan xiinxaluun odeeffannoo argate sana dhumarratti qaaccessuun waan ibsuuf qoratichi saxaxa ibsaatti kan dhimma bahedha.

3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu meeshaaleen ragaalee adda addaa funaannachuuf gargaaran qaba. Akkaataa qorannoo kanaatti ragaan walitti qabamu kun maddi jalqabaa sakatta'a dookimantii dha. Dabalataan, qorataan odeeffannoo isaa ittiin dhugoomsuuf meeshaalee funaansa ragaalee malli akkamtaa dhimma itti bahu keessaa afgaaffii fayyadamee jira.

3.3.1. Sakatta'a Dookimantii

Kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaan madda odeeffannoo qorannoo kanaa isaan bu'uuraati. Sababni isaas, qorannoon kun sakatta'a qabiyyee caaslugaa kitaabilee wabii kanneen irratti waan gaggeeffameef, qoratichi kaayyoo qorannoo isaa galmaan naaf gaha jedhee waan itti amaneef sakatta'a kitaabaa filatee jira. Sakatta'a kanas kan adeemsise qabiyyee caaslugaa kitaabilee wabii kanneen keessa jiran birsaga irraa kaasee hanga caasaa himaattidha. Sababiin qabiyyeen kunneen qofti fudhatamaniif qabiyyee caaslugaa keessatti caasaa kan qaban isaan qofa waan ta'aniifdha.

3.3.2. Af-gaaffii

Af-gaaffiin gosa odeeffannoon qorannoo ittiin funaannamu keessaa isa tokko ta'ee, kan qorataafi odeeffannoo kennan fuulleetti walarguun odeeffannoo irraa sassaabatudha. Bu'uuruma kanaan qorataan odeeffannoo gadifageenyaa argachuuf jecha afgaaffii fayyadamee jira. Gosoota afgaaffii keessaas afgaaffii mit-caaseeffamaatti fayyadamee jira. Sababni isaas, afgaaffii mit-caaseeffamaan adeemsa murtaa'aa waan hin qabneef, qoratichi yemmuu afgaaffii adeemsisaa jirutti gaaffilee itti

dabaluu yookiin fooyyessuu waan danda'uuf, odeeffannoo kennitoonni yaada isaanii bilisa ta'anii waan arganiifi beekan gadifageenyaan ibsachuuf isaan dandeessisa jedhee waan itti amaneefidha. Afgaaffiin kunis barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniifi digirii lammaffaa qaban 5 ta'anif gaggeeffame. Kunis, yemmuu qbiyyee caasluga Afaan Oromoo barsiisaa jiran kitaabilee wabii Semmoo, Natoofi Gadaatti akkamitti akka deeggaraman gaafataman.

3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu mala odeeffannoo ittiin qaacceffatu ni qabaata. Qorannoon kunis ragaalee madda odeeffannoo irraa mala qorannoo qulqulleeffataatti fayyadamee funaannateera. Akasumas, meeshaalee funaansa ragaalee keessaa sakatta'a dookimantii fi afgaaffitti kan dhimma bahedha. Kanaaf, odeeffannoo sassaabamees mala qorannoo akkamtaa/ qulqulleeffataatti gargaaramuun kan qaacefatedha.


Boqonnaa Afur: Dhiheessaafi Xiinxala Ragaalee


Mata-duree kana jalatti caasaan birsagaa, jechaa, gaaleefi himaa kitaabilee wabii Semmo, Natoofi Gadaa keessatti akkamitti akka dhiyaataniifi haala kamiin akka qophaa'an kan itti xiinxalamedha. Sakatta'iinsa dookimantii fayyadamuun kitaabilee wabii kanneen irraa Odeeffannoon kan funaannamedha. Dabalataan, qorataan odeeffannoo isaa naa dhuugomsuu danda'a jedhee waan yaadeef af-gaaffitti dhimma bahee jira. Xiinxalli qorannoo kanaas mala qorannoo akkamtaatti kan gargaaramedha. Kunis, odeeffannoon jalqaba gabatee keessatti erga dhiyaatee booda jechaan kan ibsamedha.

4.1. Xiinxala Caasaa Birsagaa Kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa irratti

Birsagni caasaa dhamsagaan yookaan walta'iinsa dhamsagootaatiin kan ijaaramudha. Dabalataan, birsaga jechuun caasaa walitti qindaa'ina sagalee dubbachiistuufi dubbifamaatiin kan ijaaramudha. Kana jechuun, birsagni Afaan Oromoo yemmuu ijaaramu sagalee dubbachiistuufi dubbifamaa irraa akka ta'e nu hubachiisa. Caasaa ilaalchisee Mirreessaa A. (2014:f,32) yoo ibsu, "Qooqni kamiyyuu haalatti jechoonni walitti dhufanii wanta hiika-qabeessa ta'e tokko uumuu danda'aniif seera mataasaa qaba. Kanaaf, sagaloonni/dhamsagoonni qooqa Oromoo keessa jiran seeraafi heeraan walitti qindaa'uun birsaga uumu. Seerri walitti qindaa'ina sagalootaa kun immoo caasaa birsagaa jedhama" jedha.

Fakkeenya : humnaan hum-naan





Bu'uuruma kanaan akkaataa caasaan birsagaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti argamu bifa gabatee armaan gadiitiin dhiyaateera.

Gabatee 1: Fakkeenya caasaa birsagaa

Kitaabilee wabii	Fakkeenya caasaa birsagaa
Semmoo, fuula 29	a. Ana a, na b. Aanaa aa, naa c. Foon foon
Natoo, fuula 83	a. Humnaan hum, naan b. Firfirse fir, fir, se
Gadaa, fuula 48	a. Kun kun b. Odaa o, daa c. Addooyyee ad, dooy, yee

Sakatta'a Dookimantii gaggeeffame irraa akka hubatamutti gabatee armaan olii kana keessatti kitaabileen wabii kunneen caasaa birsagaa Afaan Oromoo yemmuu dhiyeessan caasaan birsagaa utubaa qofarraayis ijaaramuu akka danda'amudha. Afaan Oromoo keessatti caasaan birsagaa yemmuu ijaaramu qaamolee birsagaa keessaa ka'umsiifi utubaan keessaa hafuu hin danda'u. Garuu, cufaan hafuu ni danda'a. Kanaaf, caasaan birsagaa kitaabilee wabii Semmoo, Natoo fi Gadaa keessatti dhiyaate rakkoo guddaa kan qabu akka ta'e xiinxala

adeemsifameen ifatti mul'ateera. Waan kana ta'eef, barsiisonnis ta'ee barattoonni kitaabilee wabii kanneenitti akka deeggarsaatti yemmuu gargaaraman caasaa birsagaa sirrii ta'e barsiisuu qabu.

4.2. Xiinxala Caasaa Garee Jechaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa Irratti Adeemsifame

Jechi qindeeffama dhamsagootaa, birsagootaafi dhamjechootaa kan unkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaatuufi of danda'ee dhaabatudha. Gamabirootiin, jechi bakka bu'aa muuxannoo hawaasa tokkooti (Addunyaa B.2016: f, 35). Kana jechuun, jechi qindaa'ina birsagootaa irraa kan uumame akka ta'e nu hubachiisa. Jecha Afaan Oromoo gareetti qooduuf ulaagaa of danda'e kan qabudha. Kanaaf, akka hayyoota xinqooqaa si'anaa jechoota afaan tokkoo gareetti qooduun qo'achuun barbaachisaa ta'uu isaa ibsu.

Gabatee 2: Fakkeenya Garee jechootaa

Kitaaba wabii	Baay'ina garee jechaa
Semmoo, fuula 35	1.maqaa 2.maqibsa 3.durduubee 4.gochima
Natoo ,fuula 115	1.maqaa 2.maqibsa 3.gochima 4.gochibsa 5.durduubee
Gadaa, fuula 65	1.maqaa 2.maqibsa/addeessaa 3.xumura/gochima 4.xumurbsii/gochibsa 5.durduubee/firoomsee

Qooddiin garee jechootaa afaan tokko keessatti yemmuu gaggeeffamu ulaagaa sadii bu'uura godhata. Isaanis: ulaagaa xiinhiikaa, xiinjechaafi xiinhimaati. Ulaagaa xiinjechaatiin adeemsa fufannaa kan bu'uura godhatu yoo ta'u, ulaagaa xiinhimaatiin jechi tokko faca'iinsa isaatiin maal akka fakkaatufi eessa akka qubatu kan xiinxaludha. Ulaagaa xiinhiikaan immoo, tajaajila hiikaa kan bu'uureffatudha.

Sakatta'a dookimantii taasifameen kitaabileen wabii Natoo, Semmoofi Gadaan garee jechootaa karaa adda addaatiin kan dhiyeessan akka ta'e mirkanaa'eera. Fakkeenyaaf, kitaabini wabii Semmoon gareen jechoota Afaan Oromoo bakka afuritti qoodama jechuun dhiyeessee jira. Innis, caasaa xumuribsa keessatti hin hammachiisne. Akka Addunyaan B. (2021:35) irratti

ibsutti,“Jechoota Afaan Oromoo garee gurguddaa afur jalatti qooduu dandeenya: Maqaa, maqibsa, durduubeefi gochima”jedha.Yaada barreessaa kana irraa hubachuun akka danda’amutti Afaan Oromoo garee jechootaa afur akka qabu dha.Kuni immoo,garee jechootaa keessaa xumuribsi unkaan kan hin jirreefi tajaajila qofaan kan jiru akka ta’e nu hubachiisa.

Kitaabni wabii Nattoo garuu,gareen jechoota Afaan Oromoo bakka shanitti kan qoodamu akka ta’e ibsee jira.Kitaabni wabii Gadaas garee jechoota Afaan Oromoo bakka shanitti qoodama jechuun yaada kitaaba Nattoo kan deeggarudha.Kanaaf,qoodinsa garee jechootaa ilaalchisee garaagarummaan maalif akka mul’ate yaada hayyootaa waliin haa ilaallu.

Qoodinsa garee jechootaa ilaalchisee hayyoonni yaada garaagaraa kaasu.Jechoonni Afaan Amaaraa bakka gurguddaa shanitti kan qoodaman ta’uu hayyuuleen ni kaasu.Jechoonni Afaan Oromoos akkuma Afaan Amaaraa bakka gurguddaa shanitti qoodamu.Isaanis: maqaa, xumura, maqibsa, durduubeefi xumuribsa” (Geetaachoo, 2016: f,93; Mirreessaa, 2014:f,58). Dabalataan, Geetaachoo (2016: f,93) yoo ibsu,Jechoota Afaan Oromoo garee sadeetitti qooduun qooddii jechoota Afaan Ingiliizii bakka sadeetitti walfakkeessuuf yaalii godhame fakkaata jedhee qeequun jechoota Afaan Oromoo ulaagaa galmaafi hiikaatiin akkuma kanneen biroo: maqaa, maqibsa, xumura, xumuribsa, durduubee jechuun qoodeera.

Gabatee armaan olii kanarraa akka hubanutti immoo, garee jechootaa ilaalchisee kitaabileen wabii kunneen yaada gara garaa kan qaban akka ta’edha.Kunis,yaadni kitaaba wabii Semmoo keessatti dhiyaate gareen jechoota Afaan Oromoo bakka afuritti akka qoodamu kan ibsu dha.Kitaabni kunis xumuribsa of keessatti kan hammate miti.Kitaabni wabii Semmoo kun garee jechootaa yemmuu qoodu xumribsa keessaa baasuun bakka afuritti kan ramade akka ta’e sakatta’a dookmantii taasifameen mirkanaa’ee jira.Akka yaada hayyoolii kanneenitti immoo,gareen jechoota Afaan Oromoo bakka shanitti kan qoodamu akka ta’e nutti agarsiisa.

Afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate irraa akka hubatamutti immoo, haalla qoodinsa garee jechootaa ilaalchisee kitaabilee wabii sadeen keessatti walfakkeenya kan hin jirre akka ta’edha.Afgaaffii barsiisota irraa argame yemmuu ilaallu,qoodinsa garee jechootaa irratti garaagarummaan uumame kun hubannoo barattootaa irratti dhiibbaa kan qabu akka ta’edha.

Kanaafuu, ani akka qorataa tokkootti yaada hayyootaa garee shanitti qoodan kanneen kana hin deeggarredha.Sababiin isaas,hayyoonni kunneen maaliif jechoota Afaan Oromoo garee shanitti

qoodan waan ifa taasisan hin jiru waan ta'eefdha.Faallaa kanaan immoo,yaadni kitaaba wabii Semmoo keessatti dhiyaachuun garee afuritti qoode kun sirrummaa kan qabudha.Sababiin isaa,garee jechootaa keessaa xumuribsi tajaajilaan qofa kan argamu waan ta'eefidha.

4.2.1. Xiinxala Caasaa Maqaa irratti

Maqaa jechuun itti waamama namaa, iddoo, yaadawwan tokkoofi kan kana fakkaataniti. Akkasumas, jechoonni maqaaf, bakkaaf, meeshaaleefi kan kana fakkaataniif moggaafaman maqaa jedhamu.Afaan Oromoo keessatti maqaan bifa garaa garaan uumamuu ni danada'a.

Fakkeenyaaf: Hundee jechaatti maxxantuu uumamteefi hortee dabaluu

a.nam-.....-ummaa.....namummaa

b.deem-.....-sa.....deemsa

c.dhuf-.....-e.....dhufe

Bu'uuruma kanaan gabateen armaan gadii kunis kitaabilee kanneen keessatti maqaan akkamitti akka dhiyaate mul'isa.

Gabatee 3: Fakkeenya maqaa

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa maqaa
Gadaa, fuula 65	<ul style="list-style-type: none"> a. Abdiisaan barsiisaa dha. b. Amboon magaalaa godinaati. c. Leenci mootii bineensotaati.
Natoo,fuula 118	<ul style="list-style-type: none"> a. Diimaa + -ina= diimina b. Qore+ -maata=qormaata c. Fagoo+ -eenya= fageenya
Semmoo,fuula	<ul style="list-style-type: none"> a. Gamtaan sangaa bite. b. Finfinneen handhuura oromiyaati. c. Tokkummaan bu'uura guddinaati.

Sakatta'a dookimantii gaggeeffamerraa akka hubatametti kitaabileen wabii kunneen caasaa maqaa bifa garaagaraatiin kan dhiyeessan akka ta'edha. Gabatee kana irraa akka hubanutti kitaabileen kunniin jechi tokko maqaa ta'uu isaa karaa adda addaan kan xiinxalan akka ta'efi jechoonni himoota armaan olii keessatti gurraacha'anii argaman maqaa akka ta'an nutti agarsiisa.

Kunis, kitaabni Gadaafi Semmoon hima keessatti iddoo argama isaa irratti hundaa'uun bakka mathimaa galuu isaatiniifi fufii mathim mul'istuu maxxanfachuu isaatiin maqaa jedhanii kan ramadanidha. Kitaabni Natoo immoo, jecha tokko hima keessa osoo hin galchiin fufii uumamtee maxxanfachuun maqaa ta'uu isaa kan nutti agarsiisedha.

Afgaaffiin barsiisota irraa funaanname akka ibsutti immoo, kitaabileen wabii Natoo, Semmoofi Gadaan garee jechootaa keessaa qabiyyee maqaa kana bifa garagaraan haa dhiyeessan malee sirrummaa kan qaban akka ta'edha. Kanaafuu, kitaabileen wabii sadeenuu qabiyyee maqaa karaa sirriifi ifa ta'een kan dhiyeessan waan ta'eef barsiisotaafi barattootaaf mijataa akka ta'an sakatta'a raawwatameen mirkanaa'eera. Anis akka qorataa tokkootti qabiyyeen maqaa kitaabilee wabii kanneen keessatti dhiyaate sirrummaa kan qabu waan ta'eef barattootaaf akka deeggarsaatti kan gargaaruu dha.

4.2.2. Xiinxala Caasaa Maqibsaa

“Afaan Oromoo keessatti jechoonni maqaa yookiin bamaqaa booda galuun waa'ee maqaa yookiin bamaqaa sanarratti odeeffannoo nuuf kennan akkasumas, waa'een maqaa yookiin bamaqaa sanaa akka sirritti hubatamu kan taasisan maqibsa jedhamuun waamamu” (Rabbirraa T.2011:f,70).

Gabateen armaan gadii kunis maqibsi kitaabilee wabii kanneen keessatti akkamitti akka dhiyaate nutti agarsiisa.

Gabatee 4: Fakkeenya maqibsaa

Kitaaba wabii	Fakkeenya maqibsaa
Gadaa, fuula 70	<ol style="list-style-type: none">Caalaan barnootatti baay'ee cimaa dha.Barattoonni muraasni kaayyoo sanii dagataniiru.Maanguddoonni hundi eebbarratti hirmaataniiru.
Natoo, fuula 130	<ol style="list-style-type: none">Nama [sodaataa] hin jaaladhu.Mucaa [sobduu]sana hidhan.Intalli [bareedduu]n sun gurbaa[fokkisaa] sanaaf maraatte.
Semmoo, fuula 57	<ol style="list-style-type: none">Sangaan sun dheeraa dha.Bishaan taliila kana booressuun gaarii miti.Tufaan mana citaa guddaa ijaare.

Sakatta'a dookimantii gaggeeffameen himoota gabatee armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'ametti kitaabileen kunneen maqibsa haala garagaraan kan xiinxalan akka ta'e hubatameera. Kunis, kitaaba Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti qabiyyeen maqibsaa haala ifaa ta'een kan dhiyaate akka ta'e sakatta'a taasifameen bira gahamee jira. Kitaaba wabii Gadaa (fuula,70,a) irratti kan dhiyaate 'baay'ee' jechi jedhu maqibsa osoo hin ta'iin maqaadha.

Afgaaffiin barsiisotaas yaaduma sakatta'a dookimantiin mirkanaa'e kana kan dhugoomsedha. Kanaaf, barattootaafi barsiisotaaf salphaatti hubatamuu ni danda'a jedhamee amanama. Kanaafuu, kitaabileen wabii kunneen qabiyyee maqibsaa kana karaa sirrummaa qabuun waan dhiyeessaniif barsiisotaafi barattootaa baay'ee muteessaa akka ta'edha.

4.2.3. Xiinxala Caasaa Gochima

“Gochimni yeroo heddu galumsa keessatti dhumarratti argamuun gochi wayii raawwatamuu yookiin dalagamuu kan agarsiisudha. Gochimni hojii hojjatame tokko yookaan gocha raawwatame tokko kan agarsiisu ta'ee, gochimni mathima qeenxee waliin galuufi mathima danuu waliin galu tokko miti” (Rabbirraa T. 2011: f.73). Caasaa gochimaa kana haala kamiin akka uumamuu danda'u mee haa ilaallu.

Fakkeenya : hundee jechaafi maxxantuu hortee walitti fiduun

a. deem-.....-e.....deeme

b. nyaat-.....-e.....nyaate

Bu'uuruma kanaan gabateen gadii kun caasaan xumuraa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti haala itti dhiyaate nuti agarsiisa.

Gabatee 5: Fakkeenya gochimaa

Kitaaba wabii	Fakkeenya xumuraa
Gadaa, fuula 74-75	<ul style="list-style-type: none"> a. Boonsaan laaqana nyaate. b. Margaan konkolaachisaadha. c. Tolaan muka mure.
Semmoo, fuula 72	<ul style="list-style-type: none"> a. Oromiyaan biyya Oromooti. b. Gadaan bulchiinsa dimookraatawaadha. c. Tufaan gaagura dha'e.
Natoo, fuula 127	<ul style="list-style-type: none"> a. Inni barataadha. b. Gamtaan gabaa deeme. c. Boonaan barsiisaa ta'e.

Himoota gabatee olii kanneen irraa akka hubanutti kitaabileen wabii sadeenuu caasaa xumuraa bifa walfakkaataa ta'een kan dhiyeessan akka ta'edha. Kunis, jechoonni himoota armaan olii keessatti guraacha'an xumura ta'uu isaanii sakatta'a dookimantii gaggeefameen mirkanaa'ee jira. Haata'umalee, caasaan xumuraa kitaaba Gadaa keessatti dhiyaate xumura cehaafi ta'umsa agarsiisu yoo ta'u, kan kitaaba Semmoofi Natoo keessatti dhiyaate garuu, xumura ta'umsaafi sochiiti.

Afgaaffiin barsiisota irraa funaannames kitaabileen wabii kunneen caasaa xumuraa kana bifa sirrummaafi iftoomina qabuun kan dhiyeessan akka ta'e nutti agarsiisa. Kanaaf, sakatta'a dookimantii adeemsifameefi afgaaffii barsiisotaa kun caasaan xumuraa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti sirrummaa qabaachuu isaanii nutti mul'sa. Qoratichis yaada sakatta'aafi afgaaffii kana irratti hundaa'uun qabiyyeen xumuraa kun bifa sirrii ta'een kan dhiyaate waan ta'eef barattoonniifi barsiisonni akka deeggarsaatti yoo gargaaraman gaaruummaa qabaachuu danda'a jechuun yaada isaa ibsee jira.

4.2.4. Xiinxala Caasaa Gochibsaa

“Gochibsi hima tokko keessatti gochima dura galuun gochima himichaa kanneen ibsani dha. Gochibsoonni akaakuu ibsaa gochima irratti dhiyeessan irratti hundaa’uun bakka adda addaatti qoodamu”(Rabbirraa T.2011:f,76).Gabateen armaan gadii kunis kitaabilee wabii kanneen keessatti caasaan xumuribsaa maal akka fakkaatu nutti agarsiisa.

Gabatee 6: Fakkeenya gochibsi

Kitaaba wabii	Fakkeenya gochibsaa
Gadaa, fuula 76-77	<ul style="list-style-type: none"> a. Caaltuun suuta deemti. b. Sareen mana jala ciifti. c. Manni barumsaa waggaa waggaan barattoota simata.
Semmoo, fuula	Hin qabu
Natoo, fuula 137	<ul style="list-style-type: none"> a. Caalaan suuta deema. b. Ijoolleen Dhaabaa baay’ee gaggabaaboo dha. c. Abbaan Kennataa bor Finfinnee deema.

Gabatee olii kana irraa akka hubanutti gochibsa ilaalchisee kitaabileen wabii kunneen yaada garaagaraa kan qaban akka ta’edha. Jechoonni himoota gabatee olii keessatti gurraacha’anii dhiyaatan iddoo gochibsaa irratti kan argaman akka ta’edha. Jechoonni kunneen bakka uunka isaanitiin maqaa kan ta’aniidha. Garuu, tajaala isaanitiin gochibsa kan agarsiisanidha.

Sakatta’a dookimantii raawwateen kitaabni Natoofi Gadaan caasaa gochibsaa kana bifa walfakkaatuun kan dhiyeessan akka ta’e hubatamee jira. Haata’umalee, kitaabni wabii Semmoo garee jechootaa yemmuu dhiyeessu caasaa gochibsaa keessaa akka hambise mirkanaa’ee jira. Kunis, kitaabni wabii kun gochibsi tajaajilaan malee uunkaa kan hin jirree ta’uu xiyyeeffannoo keessa waan galcheefidha.

Lammaa D.f Chimdii W.(2018:37) waa’ee xumuribsaa yoo ibsan, “Ruqooleen afaanii xumuribsaa jedhamanii dhiyaatan sun gareen jechootaa isaanii maqaa,gaalee maqaafi gaalee durduubee yoo ta’an,bakka galma isaanitiin tajaajila xumuribsaa ni kennu”jedhu.

Yaada hayyoota kanaa bu’uura godhachuun qoratichis haala dhiheenya qabiyyee xumuribsaa kitaabilee wabii kanneen irratti yaada isaa ibseera.Kunis,kitaabileen Natoofi Gadaan xumuribsaa jechuun jechoonni isaan dhiyeessan uumama isaanitiin kan maqaa ta’anidha.Tajaajila isaanitiin garuu,xumuribsaa kan agarsiisanidha.Kitaabini wabii Semmoon immoo,xumuribsi unkaan waan hin argamneef garee jechootaa keessatti hin dhiyeessine.Barsiisonni yaada kana gadifageenyaan hubachuun barattoota isaanii hubachiisuu akka qabanidha.

4.2.5. Xiinxala Caasaa Durduubee

“Durduubeen jechoota maqaa dura yookiin maqaa booda galuudhaan tajaajila gochibsaa kanneen akka iddoo, yeroo, sababaafi haalaa kennuu kan danda’u dha. Kanamalees, jechoota hundee yookiin bu’uura horterratti dabalamuun adeemsa jechoota haaraa uumuu keessatti iddoo guddaa qabu” (Rabbirraa T.2011: f, 78). Bu’uuruma kanaan gabateen armaan gadii kunis kitaabilee kanneen keessatti caasaan durduubee akkamitti akka dhiyaate nu hubachiisa.

Gabatee 7: Fakkeenya durduubee

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa durduubee
Gadaa, fuula 79	<ul style="list-style-type: none"> a. Tolaan akka fardaa fiiga. b. Erga waraabessi darbee sareen dutti. c. Abdisaan gara Amboo Deeme.
Semmoo, fuula 64	<ul style="list-style-type: none"> a. Caalaan gara mana barumsaa deeme. b. Waa’ee barnootaa lallaba. c. Eeboodhaan lola.
Natoo, fuula 133	<ul style="list-style-type: none"> a. Kennataan gara manaa gale. b. Waa’ee barnootaa lallaba. c. Eeboodhaan gafarsa ajjeese.

Sakatta'a dookimantii gaggeefameen kitaabileen Natoo, Semmoofi Gadaan qabiyyee durduubee kana haala sirriifi ifaa ta'een kan dhiyeessan akka ta'e hubachuun danda'ameera. Qabiyyeen kun haala gaarii ta'een dhiyaachuun isaa barattootaaf tumsa guddaa kan godhudha. Afgaaffiin barsiisota irraa funaannames yaaduma sakatta'a dookimantiin mul'ate kana kan mirkaneessedha.

4.3. Xiinxala Caasaa Gaalee kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa Irratti Adeemsifame

“Jechoonni walta'anii caasaalee baay'inaafi bal'inaan isaan irra guddaa ta'an ijaarrachuu danda'u. Caasaalee kana keessaa inni tokko gaalee dha. Gaaleen wal-hammannaa yookaan waliin argama jechootaa kan hojii tokko raawwatani dha” (Addunyaa B.2016: f, 80). Yaada kana deeggaruun Rabbirraa T. (2011: f, 84) yoo ibsu, “gaaleen wal-hammannaa jechootaa hojii tokko kan hojjatan ta'anii yaada guutuu ta'e kennuu kanneen hin dandeenye dha. Gaaleen mat-hima yookiin xumura qabaachuu ni danda'a. Haata'u malee, lamaan isaanii walfaana yeroo tokkotti of keessaa hin qabaatu” jedha.

Itti aansuudhaan qooddiin gosoota gaalee Afaan Oromoo akkamitti akka ta'e haa ilaallu. Qooddiin gosoota gaalee garee jechootaa afaan sanaa bu'uureffata. Akka hayyuun Finch (2005: f, 106) ibsutti, “Aphrases are formed out the lexical words classes” jedha. Hayyuun kun akka ibsutti qooddiin garee jechootaa gaaleefis akka ta'udha.

Yaadni gosootni gaalee garee jechoota afaan sanaa bu'uureffata jedhu akkuma jirutti ta'ee qooddiin gosoota gaalee Afaan Oromoo kan afaan biro fakkeenyaaf Afaan Igiliizii keessatti mul'aturraa adda. Sababiin isaas, Afaan Oromoo keessatti ulaagaa xiinhikaan jechootni garee gochibsa jalatti ramadaman caasaa gaalee Afaan Oromoo keessatti mataa ta'anii yemmuu galan gaalee maqaafi gaalee durduubee ijaaru. Qabanni isaa immoo, ijaaramni gaalee baay'inaan tajaajila osoo hin taane caasaa waan bu'uureffatuufi (Addunyaa, 2012: f, 189). Bu'uuruma kanaan kitaabileen wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti caasaa gaalee haala kamiin akka dhiyeessan gabateen armaan gadii kun nu hubachiisa.

Gabatee 8: Fakkeenya caasaa gaalee

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa gaalee
Gadaa, fuula 84-85	<ul style="list-style-type: none"> a. Inni mana dhagaa guddaa ijaare. b. Caaliin farad adii gurgure. c. Tolosaan buna wallaggaa dhuge.
Semmoo, fuula 80	<ul style="list-style-type: none"> a. Sangaa b. Sangaa diimaa c. Sangaa diimaa guddaa
Natoo, fuula 157	<ul style="list-style-type: none"> a. Inni sangaa bite. b. Inni sangaa diimaa bite. c. Inni sangaa diimaa guddaa bite.

Akka gabatee olii kana irraa hubanutti kitaabileen wabii kunneen caasaa gaalee bifa walfakkaatuun kan dhiyeessan akka ta'e dha. Kunis, sakatta'a dookimantii raawwatameen caasaa gaalee kana karaa sirrummaafi iftoomina qabuun kan dhiyeessan akka ta'e mirkanaa'ee jira. Kitaabilee wabii Semmoofi Natoo yoo ilaalle gaaleen wal-hammannaa jechootaa irraa kan ijaaramu akka ta'eefi jecha tokko irraayis ijaaramuu kan danda'u akka ta'e nu hubachiisa. Kitaabni wabii Gadaa garuu, caasaan gaalee jechoota lamarraa kan ijaaramu akka ta'e nu hubachiisa.

Afgaaffiin barsiisota irraa funaannames yaaduma kana dhugoomsa. Kanaaf, xiinxala raawwatameen kitaabilee wabii kanneen yemmuu waliin madaalsifaman caasaa gaalee kana karaa sirrii ta'een kan dhiyeessan akka ta'e hubanna.


Haata'umalee, gosoota gaalee Afaan Oromoo himuudhaaf yaadota adda addaatu ka'a. Akka Geetaachoo R. (2008:f,70) irratti ibsutti, "Gosa gaalee himuuf jecha gaalee sana keessatti mataa ta'ee gale beekuu qabna. Maqaa gaalee kan murteessu jecha gaalee sana keessatti mataa ta'ee gale sani" jedha. Haata'umalee, haala yaadxina ammayyaatti gaaleen Afaan Oromoo gama tajaajilaafi gulantaa bu'uureffachuun bakka saddeetitti kan qoodamudha. Isaanis: gaalee maqaa, xumuraa, ibsa maqaa, ibsa xumuraa, durduubee, guuttuu, horteeffii murteessituu jedhamu.

Gama yaadxina caasessitootaan immoo, tajaajilaafi caasaa bu'uureffachuun bakka afuritti goodamu.Isaanis: gaalee maqaa, gaalee xumuraa, gaalee maqibsaafi gaalee durduubeeti.Yaada kana deeggaruun Addunyaa B.(2018:f,84) irratti yoo ibsu,“Gosoonni gaaleewwanii kunneeniis maqaa gareewwan jechootaa kanaan waamama.Kana jechuun,gaalee maqaa,gaalee maqibsa,gaalee durduubeefi gaalee gochimaa ta’u”jedha.

Kanaaf, kitaabileen wabii qorataan qorannoo irratti adeemsise kunneen yaadxinna caasessaa irratti hundaa’uun kan barreefaman waan ta’eef, qoratichis yaadxina caasessaatti fayyadamuun qorannoo isaa kan gaggeessedha.Haaluma kanaan gosoota gaalee kanneen akka armaan gadiitti xiinxalee jira.

4.3.1. Xiinxala Caasaa Gaalee Maqaa

Gaaleen maqaa akkuma maqaa isaa irraa hubatamu gaalee mataan isaa maqaa yookiin bamaqaa ta’edha.“Gaaleen maqaa, caasaa maqaa yookiin bamaqaa mataa taasifachuun ijaaramudha. Gaaleen kun mataa qofarraa ijaaramuu danda’a” (Addunyaa B.2016: f, 84). Gaaleen maqaa miseensota gaalee of keessaa qabaachuu danda’a.Miseensota gaalee kanneen keessaa hafuu kan hin dandeenye mataa gaaleedha.Caasaan gaalee maqaa kanas caatoon agarsiisuun ni danda’ama.



Gabateen gadii kunis caasaan gaalee maqaa kitaabilee wabii kanneen keessatti akkamitti akka dhiyaate nutti agarsiisa.

Gabatee 9: Fakkeenya caasaa gaalee maqaa

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa gaalee maqaa
Natoo, fuula 192	a. Dhagaa manaa b. Akaayii garbuu
Gadaa, fuula 89	a. Mana citaa b. Sa'a aannanii c. Hoolaa gurraacha
Semmoo, fuula 85	a. Mana guddaa b. Mana dhagaa c. Muka lama


Gabatee olii kana irraa akka hubanutti kitaabileen wabii sadeenuu caasaa gaalee maqaa bifa walfakkaataa ta'een kan dhiyeessan akka ta'e hubannee jira. Gabatee olii kana keessatti **dhagaa, akaayii, mana, sa'a, hoolaa, mana, manafi muka** kanneen jedhan mataa gaaleewwan kanneeniti. Caasaan gaalee maqaa kunis kitaabilee wabii kanneen keessatti haala sirrii ta'een kan dhiyaatedha. Kanaaf, sakatta'a dookimantii taasifameen kitaabileen kunneen caasicha karaa sirrii ta'een kan xiinxalan akka ta'e mirkanaa'ee jira.

Afgaaffii barsiisota irraa funaanname yoo ilaallu immoo, kitaabileen kunneen caasaa gaalee yemmuu dhiyeessan bifa walfakkaatuun akka ta'e hubachuun danda'ameera. Kunis, barattootaafi barsiisotaaf haala salphaan kan hubatamu akka ta'e nutti mul'isa. Kanaaf, yaadni sakatta'a dookimantiifi afgaaffii barsiisotaa irraa xiinxalamee kun kitaabileen wabii Natoo, Semmoofi Gadaan caasaa gaalee maqaa kana bifa ifa ta'een kan dhiyeessan akka ta'e nu hubachiisa.

4.3.2. Xiinxala Caasaa Gaalee Maqibsaa

Gaalee maqibsaa jechuun caasaa mataan isaa maqibsa ta'edha. Gaaleen kunis mataa irraa yookiin mataa, miiltoofi murteessituu irraa ijaarramuu danda'a. Bu'uuruma kanaan gabateen armaan gadii kunis kitaabilee kanneen keessatti caasaan gaalee maqibsaa akkamitti akka dhiyaate nu hubachiisa. Caasaa gaalee maqibsaa kana caatoon agarsiisuu ni dandeenya.

Fakkeenyaaf :barumsaan cimaa



Barumsa

Caasaa gaalee maqibsaa kanarraa akka hubatamutti gaalee durduubeefi mataa gaalee irraa kan ijaarame akka ta’edha.

Gabatee 10: Fakkeenya caasaa gaalee maqibsaa

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa gaalee maqibsaa
Semmoo, fuula 86	<p>a. Cimaa</p> <p>b. Barumsaan cimaa</p> <p>c. Akka obboleessa isaa barumsaan cimaa</p>
Gadaa, fuula 89	<p>a. Barnootaaf mijataa</p> <p>b. Caalaarra bareedaa</p> <p>c. Akka siifan magaala</p>
Natoo, fuula 215	<p>a. Bookaaf gaarii</p> <p>b. Fayyaaf barbaachisa</p>


Akka hima gabatee armaan olii kana irraa hubanutti kitaabileen kunneen caasaa gaalee maqibsaa bifa walfakkaataa ta’een kan dhiyeessan akka ta’e ilaallamee jira. Sakatta’a dookimantii raawwatameen kitaabni Semmoon caasaan gaalee maqibsaa mataa qofarraas ijaaramuu akka danda’u kan ibsu dha. Kitaabileen wabii Gadaafi Natoo immoo, caasaa kana mataafi miiltoo waliin kan dhiyeessan akka ta’e mirkanaa’ee jira.

Dabalataan, af-gaaffii barsiisota irraa akka hubatametti kitaabni wabii Natoon caasaa gaalee kana yemmuu dhiyeessu baay'ee walxaxaa godhee akka ta'e dha. Kanaaf, sakatta'a dookimantiifi afgaaffii barsiisotaa kanarraa akka hubatamutti kitaabileen wabii Natoon, Semmoofi Gadaa kessatti caasaan gaalee dhiyaate kun sirrummaafi iftooma kan qabu akka ta'e xiinxala adeemsifameen mirkanaa'era.

4.3.3. Xiinxala Caasaa Gaalee Durduubee

“Gaalee durduubeen akkuma maqaafi maqibsaatti miseensota garaa garaa ofitti fudhachuun gaalee isaa ijaarrata. Ijaarsa kanaaf, mataan durduubee dha. Haata'umalee, akka maqaafi maqibsaa, mataa kana qofaan gaalee ijaarrachuu hin danda'u” (Addunyaa B.2012:f,224). Gabateen armaan gadii kunis caasaan gaalee durduubee kitaabilee wabii kanneen keessatti akkamitti akka dhiyaate nutti agarsiisa.

Fakkeenya: fardaan



Caasaa gaalee durduubee kana yoo ilaalle maqaafi mataa gaalee durduubee irraa kan ijaarrame akka ta'edha. Mataan gaalee kanaas dhamjecha –an jedhudha.

Gabatee 11: Fakkeenya caasaa gaalee durduubee

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa gaalee durduubee
Natoo, fuula 225	<ul style="list-style-type: none"> a. Sareen waa'ee dammaa maal beekti? b. Akka garaa harki surree hin muru. c. Miidhaa fira keessaa ormi namaa hin beeku.
Semmoo, fuula 88	<ul style="list-style-type: none"> a. Gara manaa b. Mana jala c. Waa'ee mataa
Gadaa, fuula 90	<ul style="list-style-type: none"> a. Gaaddisa jalatti du'e. b. Inniakka bineessaa gara bosonaatti fiige. c. Gammoojjitti bade.

Akka himoota gabatee armaan olii kana irraa ilaallutti kitaabileen kunneen caasaa gaalee durduubee bifa adda addaan dhiyeessuun kan xiinxalan akka ta'e hubanna. Jechoonni himoota olii keessatti gurraacha'anis mataa gaalee akka ta'an hubanna. Kunis, waa'ee, jala, waa'ee, '-tti', gara, -tti, -tti, akka, keessa, gara, kanneen jedhani mataa gaaleewwan kanneeniti. Kitaabni Semmoo gaalee durduubee mataafi miiltoo qofaa kan dhiyeesse yoo ta'u, kitaabni Natoo fi Gadaan garuu, caasaa kana hima keessatti dhiyeessuun kan xiinxalan akka ta'e sakatta'a raawwatameen hubachuun danda'amee jira.

Afgaaffiin barsiisota irraa funaannamee akka mul'isutti caasaan gaalee durduubee kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti dhiyaatan bifa iftoomina qabuufi sirrummaa qabuun kan dhiyaatan akka ta'e nuuf dhugoomsee jira.

Kanaafuu, kitaabileen kunneen caasaa gaalee durduubee karaa sirrii ta'een kan dhiyeessan akka ta'e mirkanaayee jira. Waan kana ta'eef, kitaabileen wabii Natoo, Semmoofi Gadaan caasaa kana irratti barattootaafi barsiisotaaf deeggarsa guddaa kennuu ni danda'a.


4.3.4. Xiinxala Caasaa Gaalee Gochimaa

Gaaleen gochimaa caasaa isaa keessaa gochima mataa kan taasifatudha. Akkuma gaalee kanneenii mataa qofarraa ijaaramuu kan danda'udha. "Gaalee tokkoon gaalee xumuraa jechuuf jechi gaalee sana keessatti mataa ta'ee, gale xumura ta'uu qaba"(Geetaachoo,2008:f,72).

Dabalataanis, Abarraa, Nagaasaa, Lammii, Yeneenaafi Wandoosan (1998: f, 332-333) gaalee gochimaa yoo ibsan,

Caaseffama hima Afaan Oromoo keessatti gochimni xumura himaarratti argama.Jechootni gochima hordofanii boodarraan caaseffaman hinjiran.Kun immoo,gaaleen gochimaa waan hin jirre fakkeessa.Garuu,gochimni hiika himaatiif murteessaa waan ta'eef jechoota wajjin qindaa'an keessatti jecha muummicha (head word)ta'ee argama.Kanaaf,tolfamni gaalee kan gochimni keessatti argamu gaalee gochimaati,jedhu .

Fakkeenya:gara manaa deeme



Caasaa gaalee gochimaa kana irraa wanti hubatamu caasaan gaalee gochimaa mataa gaaleefi gaalee durdubee irraa kan ijaarame akka ta'edha.

Bu'uuruma kanaan gabateen armaan gadii kunis, caasaan gaalee gochimaa kitaabilee wabii kanneen keessatti akkamitti akka dhiyaate nu hubachiisa.

Gabatee 12: Fakkeenya caasaa gaalee gochimaa

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa gaalee gochimaa
Natoo, fuula 235	<ul style="list-style-type: none"> a. Badhaasaan qale. b. Badhaasaan hoolaa qale. c. Badhaasaan abbaadhaa hoolaa qale.
Gadaa, fuula 90	<ul style="list-style-type: none"> a. Fiigee gale b. Utaalee ce'e c. Saffisaan barreessite
Semmoo, fuula 90	<ul style="list-style-type: none"> a. Gara manaa deeme b. Biqiltuu bunaa dhaabe c. Hojii gaarii jalqabe

Sakatta'a dookimantii gabatee olii kana irraa akka hubanutti kitaabileen wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti caasaan gaalee gochimaa bifa wal fakkaataa ta'een kan dhiyeessan akka ta'edha.


Kitaabni wabii Natoo caasaan gaalee gochimaa fakkeenya yoo laatu mataa qofarraafi mataafi miiltooo irraa ijaaramuu akka danda'u nutti agarsiisa. Kitaabni wabii Gadaafi Semmoon immoo, caasaa gaalee gochimaa mataa qofarraa ijaaruun akka danda'amu agarsiisa. Kanaaf, kitaabileen wabii sadeenuu caasaa kana karaa sirriifi ifa ta'een kan dhiyeessan waan ta'eef barsiisotaafi barattootaaf faayidaa guddaa qaba.

Dabalataan, af-gaaffiin barsiisotaa irraa funaanname akka mul'isutti kitaabileen wabii Natoo, Semmoofi Gadaan caasaa gaalee gochimaa kana haala iftoomina qabuun kan dhiyeessan akka ta'e nuu mirkaneesseera. Kanaaf, akka sakatta'iinsi dookimantiifi afgaaffiin barsiisotaa agarsiisutti kitaabileen kunneen caasaa gaalee gochimaa kana bifa walfakkaataafi sirrummaa qabuun kan dhiyeessan akka ta'e mirkaneesse jira.

4.3.5. Gaalee Hortee

Gaalee hortee kan hogganu horteewwan mataa xumuraa irratti argamanidha. Isaanis, yeroo mara xumura waliin galuun caasaa isaanii kan ijaaratanidha. Gaalee kana kan hogganu yookiin kutaan gaalee kanaa xumura irraa baha. Qaamoleen gaalee kana keessatti hammataman tajaajila akka henna, walsimannaa matimaa hey'eentaafi raawwiin gochaa tokko caasaa gaalichaa ta'uu danda'u.

Fakkeenya: dhufte



4.3.6. Gaalee Guuttuu

Mataan gaalee guuttuu qaamolee tajaajila hima tokkoo irratti agarsiisaniin kan duurfamudha. Kana jechuun akkuma tajaajila himootaatiin kan hogganamudha. Kanaafuu, gaalee guuttuuf mataan ergaa, gaaffii, ajaja, raajeffannoo, hi'eentaafi hayyama fa'a jechuudha. Gosa gaalee kanas caasaadhaan agarsiisuudhaaf baay'ee bal'aa waan ta'eefi qorannoon kun yaadxina caasaan kan xiinxalame waan ta'eef ibsa isaa qofa kaasee bira darbuuf dirqameen jira.

4.3.7. Gaalee Murteessituu

Murteessitootaaf hayyoonni garaagaraa hiika adda addaa kennanii jiru. Addunyaa (2017:174) O'grady (1996) wabeeffachuun yoo ibsu, Murteessitoonni hiika mataa gaalee tokkoo ifa gochuuf qaama caasichi hammatu akka ta'e ibsa.

4.4. Xiinxala Caasaa Hima kitaabilee wabii Nattoo, Semmoofi Gadaa Irratti

Hima jechuun walitti qindaa'ina jechootaa irraa kan ijaaramu ta'ee ergaa guutuu kan dabarsuu, mathimaafi xumura kan qabu, hawaasa biratti fudhatama kan qabuufi sirna tuqaaleen kan xumuramudha. Qindaa'inni jechootaa wantoota eeraman kanneen hin guutan taanaan hima jedhamuu hin danda'an. "Himni walitti dhufeenya jechootaa yookaan waliin qindaa'ina garee jechootaa irraa kan ijaaramu ta'ee, ergaa guutuu dabarsuu kan danda'udha. Himni qindeeffama jechootaa mathimaafi xumura qabaatee yaada guutuu kan dabarsuufi sirna tuqaaleetiin kan xumuramu dha" (Rabbirraa T.2011: f, 111). Caasimni seerawwan jechootni waliin qindaa'anii yookiin caaseffamanii gaaleewwan tolchaniifi gaaleewwan immoo, waliin qindaa'anii himootaafi gaalimoota tolchaniidha. Haala kanaan jechootni seeraan walitti qindaa'anii caasaalee bal'aa (gaalee) tolchu. Gaaleewwanis seerumaan caaseffamanii caasaawwan baay'ee bal'aa ta'an himootaafi gaalimoota tolchu (Abarraa, Nagaasaa, Lammii, Yeneenaafi Wandoosan, 1998: f, 312-313). Akka yaada hayyoota kanneenitti caasaan afaanii xiqqaa irraa jalqabee gara guddaatti bal'achaa kan deemu akka ta'e nutti agarsiisa.

Himni tajaajila irratti hundaa'eefi caasaa irratti hundaa'ee bakka garaagaraatti qoodamuu danda'a.

4.4.1. Xiinxala Caasaa Hima Himaamsaa

"Himaamsi akaakuu himaa odeeffannoo yookaan laallee dabarsuuf kan fayyadu dha. Himni kun kanneen tuqaadhaan goolabaman keessaa tokko dha" (Addunyaa B.2016: f, 101). Gosti hima kanaa tajaajila inni kennu irratti hundaa'uun kan qoodamu yoo ta'u, ergaa yookiin odeeffannoo wayii dabarsuuf kan dhiyaatudha. Himaamsi yeroo mara kan xumuramu tuqaadhaani.

Bu'uuruma kanaan gabateen armaan gadii kunis kitaabilee wabii Nattoo, Semmoofi Gadaa keessatti caasaan hima addeessaa akkamitti akka dhiyaate nutti agarsiisa.

Gabatee 13: Fakkeenya caasaa hima addeessaa

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa hima addeessaa
Semmoo, fuula 101	<ul style="list-style-type: none"> a. Kennataan mana guddaa ijaare b. Namni lammii, lama hin dubbatu. c. Akka garaa harki surree hin muru.
Gadaa, fuula 114	<ul style="list-style-type: none"> a. Barnoota barachuun bu'aa gaarii qaba. b. Caaltuun furtuu gatte. c. Barattoonni daree duuba jiru.
Natoo, fuula 273	<ul style="list-style-type: none"> a. Kennataan mana guddaa ijaare. b. Namni lammii, lama hin dubbatu.

Akka himoota gabatee armaan olii kana irraa hubanutti kitaabileen sadeenuu hima himaamsaa kana bifa walfakkaataan kan dhiyeessan akka ta'edha. Haata'umalee, haalli isaan itti xiinxalan addaa addummaa qaba. Kitaaba Natoo yoo ilaalle gosoota himaa jiran bakka tokkotti dhiyeessuun kan xiinxale dha. Kunis, hima himaamsaa hima leeximaa jala galchuun kan dhiyeessedha. Kun immoo, kitaabichi rakkoo akka qabu nu hubachiisa. Sababiin isaas, himni himaamsaa tajaajila irratti hundaa'ee kan qoodamu yoo ta'u, himni leeximaa immoo caasaa irratti hundaa'ee kan qoodamudha. Kanaaf, sakatta'a gaggeeffameen yaadni kun akka hanqinaatti fudhatamee jira.

Akkasumas, kitaabni wabii Semmoo gosa himaa tajaajila irratti hundaa'ee yemmuu dhiyeessu gosa gochimaa waliin walitti make kan dhiyeessedha. Yaadni kun immoo, kitaabni kun walxaxaa akka ta'eefi salphaatti hubachuuf waan rakkisuuf akka hanqinaatti xiinxalamee jira. Gama biroon immoo, kitaabni Gadaa caasaa hima addeessaa kana karaa ifaafi mijataa ta'een kan dhiyeesse akka ta'e sakatta'a raawwateen bira gahamee jira.

Kanaaf, kitaabileen wabii kunneen caasaa hima himaamsaa kana haala garaagaraan kan dhiyeessan akka ta'e sakatta'insi adeemsifame nutti agarsiisa. Kitaabileen Natoofi Semmoon gosa hima kanaa bifa walxaxaa ta'een kan dhiyeessan akka ta'e mirkanaa'era.

Af-gaaffiin barsiisota irraa funaannames yaaduma kana deeggaruun kitaabileen wabii kunneen caasaa hima himaamsaa kana bifa garaagaraatiin kan dhiyeessan akka ta'e nu hubachiisa. Kanaaf, sakatta'aa dookimantiifi afgaaffii barsiisotaa mul'isutti kitaabni wabii Gadaan gosa hima himaamsaa karaa iftoomina qabuun kan dhiyeesse akka ta'eedha. Kitaabileen wabii Natoofi Semmo keessatti caasaan dhiyaate baay'ee walxaaxaa waan ta'eef hubannoo barsiisotaafi barattootaa irratti gufuu ta'uu akka danda'u mirkanaa'ee jira.

4.4.2. Xiinxala Caasaa Hima Gaaffii

“Gaaffimni waa'ee waan tokkoo odeeffannoo barbaaduuf akaakuu himaa itti fayyadamnudha. Himni tokko mallattoo gaaffii of irraa qabaannaan gaaffima. Kanamalees, jechoonni gaaffii kanneen akka maal? Yoom? Attamitti? Eenyu? fi waan kana fakkaatu gaaffima ta'uu himichaa agarsiisu” (Addunyaa B.2012:f,277). Akkuma yaada hayyuu kana irraa hubatamutti, himni gaaffii mallattoo gaaffiin kan xumuramufi ergaan isaa immoo, gaaffii ta'uu isaati.

Bu'uuruma kanaan gabateen armaan gadii kunis caasaan hima gaaffii kitaabilee wabii Nattoo, Semmoofi Gadaa keessatti akkamitti akka dhiyaate nu hubachiisa.

Gabatee 14: Fakkeenya Caasaa Hima Gaaffii

Kitaaba Wabii	Fakkeenya caasaa hima gaaffii
Natoo, fuula 277	<ol style="list-style-type: none">Eenyutu balbala rukute?Caalaan maal nyaate?Hawwaniin kitaaba maal goote?
Gadaa, fuula 115	<ol style="list-style-type: none">Magarsaan eessa deeme?Qorumsi yoom eegala?Guyyaan har'aa maali?
Semmoo, fuula 103	<ol style="list-style-type: none">Eenyutu balbala rukute?Caalaan maal nyaate?Hawwaniin kitaaba maal goote?

Sakatta'a dookimantii kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa irratti gaggeeffame bu'uura godhachuun himoota gabatee olii kanneen yoo xiinxallu, kitaabileen sadeenuu caasaa hima gaaffii bifa walfakkaataa ta'een kan dhiyeessan akka ta'edha. Kitaabni Natoofi Semmoon fakkeenya isaan dhiyeessan himoota walfakkaatu akka ta'e hubachuun danda'ameera. Kitaabileen kunneen caasaa hima gaaffii kana haala iftoomina qabuun kan dhiyeessan akka ta'e bira gahamee jira. Garuu, sakatta'a taasifameen kitaabileen wabii kunneen caasaa hima gaaffii kana irratti garaagarummaa moggaasaa akka qaban mirkanaa'ee jira.

Afgaaffiin barsiisota irraa funaannamee xiinxalame akka agarsiisutti kitaabileen wabii Natoo, Semmoofi Gadaan gosa hima kanaarratti yaada sakatta'aan mul'ate kana kan dhugoomsan akka

ta'e hubachuun danda'ameera.Kanaaf, caasaan hima gaaffii kun kitaabilee wabii kanneen keessatti ifaafi mijataa akka ta'e hubatamee jira.

4.4.3. Xiinxala Caasaa Hima Ajajaa

“Gosti himaa kun ergaa yookiin ajaja dabarsuu irratti kan bu'uureffame ta'ee dheekkamsa, affeerraa, kadhaafi kan kana fakkaatan kan of keessaa qabu dha. Himni ajajaa mallattoo raajeffannoo yookaan tuqaatiin xumurama”(Rabbirraa T.2011:f,115).Gabateen armaan gadii kunis caasaan hima ajajaa kitaabilee wabii kanneen keessatti akkamitti akka dhiyaate nu hubachiisa.

Gabatee 15: Fakkeenya caasaa hima ajajaa

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa hima ajajaa
Gadaa, fuula 115	<ul style="list-style-type: none"> a. Ka'ii fooddaa cufi! b. Gara hojii deemi! c. Yeroo keetti seeraan fayyadami!
Semmoo, fuula	Hin qabu
Natoo, fuula	Hin qabu

Sakatta'a dookimantii kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa adeemsifame irratti hundaa'uun, gabatee armaan olii kana yoo ilaallu kitaabileen wabii kunneen caasaa hima ajajaa irratti garaa garummaa guddaa akka qabanidha. Kunis, kitaabni wabii Gadaan caasaa hima ajajaa karaa salphaafi ifa ta'een kan dhiyeessedha. Garuu, kitaabni Semmoofi Natoo caasaa hima ajajaa kana hin dhiyeessine.

Haata'umalee, akka kitaabileen wabii Natoofi Semmoo jedhan osoo hin taane, yaada boqonnaa lama keessatti Rabbirraa (2011) fi Harmer (1987) ibsan irratti bu'uura godhachuun caasaa hima ajajaa kana xiinxallu, himni ajajaa gosoota himaa keessatti kan argamuufi tajaajila irratti hundaa'uun kan qoodame akka ta'e mairkanaa'eera. Kanaaf, sakatta'a dookimantii adeemsifameen kitaabileen lamaan kunneen maaliif caasaa hima ajajaa kana akka hin dhiyeessine waan hin ibsineef akka rakkootti yookiin hanqinaatti xiinxalamee jira. Kitaabni Gadaa garuu, caasaa hima ajajaa kana karaa ifa ta'een dhiyeesse jira.

Afgaaffiin barsiisotaas yaaduma hayyoota oliitti eeraman kana kan deeggaruu ta'ee kitaabileen wabii Natoofi Semmoon gosa hima kanaa osoo hin dhiyeessiin hafuun isaanii hanqina guddaa akka ta'e nutti agarsiiseera. Akasumas, kitaabni wabii Gadaa immoo, hima ajajaa kana bifa sirrummaafi iftoomina qabuun kan dhiyeesse ta'uu isaa nuuf mirkaneessee jira.

Kanaaf, yaada sakatta'a dookimantiifi afgaaffii barsiisotaa irraa argaman kanarratti hundaa'uun kitaabileen Natoofi Semmoo caasaa hima ajajaa kana ilaalchisuu rakkoo kan qaban akka ta'e lafa kaa'uu dandeenya.

4.4.4. Xiinxala Caasaa Hima Raajeffannoo

Hima raajeffannoo jechuun raajeffachuuf, dinqisiifachuuf, jajuuf, rifachuu agarsiisuuf kan tajaajiludha. Dabalataan, Rabbirraa T. (2011: f, 116), yoo ibsu, "Himni raajeffannoo immoo yaada nama ajaa'ibsiisufi yaada nama gaddisiisu kan of keessaa qabu ta'ee yeroo hunda waan miira namaa tuqu ibsuuf yookiin dhiyeessuuf kan ooludha" jedha. Bu'uuruma kanaan gabateen armaan gadii kunis, caasaan hima raajeffannoo kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti akkamitti akka dhiyaate nutti mul'isa.

Gabatee 16.Fakkeenya Caasaa Hima Raajeffannoo

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa hima raajeffannoo
Gadaa, fuula 116	<ul style="list-style-type: none"> a. Uggum! Yaa rabbi na oolich! b. Akkam bareeddi! c. Nama gaarii akkamii seete!
Natoo, fuula	Hin qabu
Semmoo, fuula 104	<ul style="list-style-type: none"> a. Nan badekaa! mana koo saaman! b. Maal garaan akkas wal-dhabe! c. Ajab! kun jiruudha!

Sakatta'a dookimantii kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa irratti gaggeeffame bu'uureffachuun gabatee olii yoo xiinxalle, kitaabilee wabii kunneen caasaa hima raajeffannoo ilaalchisee yaada adda addaa kan qaban akka ta'edha. Kunis, kitaabni Gadaafi Semmoon caasaa hima raajeffannoo kana bifa walfakkaatuufi ifa ta'een kan dhiyeessan yoo ta'u, kitaabni Natoo garuu, caasaa hima raajeffannoo kana hin dhiyeessine.

Kanaaf, akka kitaabni wabii Natoo jedhu osoo hin taane, yaada boqonnaa lama keessatti hima raajeffannoo ilaalchisuun Geetaachoo(2016)fi Larsen-Freeman(1991) ibsanitti, himni raajeffannoo hima waan tokko raajeffachuuf yookiin dinqisiifachuuf gargaaru akka ta'edha. Itti dabalees, gosoota himaa tajaajilaan qoodaman keessaa tokko akka ta'e lafa kaa'aniiru.

Afgaaffiin barsiisota irraa funaannamee xiinxalames yaaduma hayyoota kanaa kan deeggaruufi Kitaabni wabii Natoo caasaa hima raajeffannoo kanarratti hanqina kan qabu akka ta'e nuuf mirkaneessee jira. Kanaaf, kitaabni wabii Natoo kun sababa caasaa hima raajeffannoo kana keessaa dhiiseef waan hin ibsineef yookiin hin beekkamneef sakatta'a raawwatameen akka hanqinaatti ilaallamuun xiinxalamee jira.

4.4.5. Xiinxala Caasaa Hima Salphaa

Hima salphaa jechuun hima xumura tokko qofa qabuufi ergaa tokko qofa dabarsu dha. Akka Addunyaa B. (2012:f, 273) ibsutti, “Akaakuun himaa kun gochima tokko qofaa qaba. Kana jechuun, ciroo hirkataa of keessaa hin qabu jechuu dha. Hima leexaa kan jedhameefis kanumaafi” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti hima salphaa jechuun xumura tokkoofi ergaa tokko qofa kan qabudha. Himni salphaa kan qoodame caasaa isaa irratti hundaa’uundha.

Gabateen armaan gadii kunis caasaan hima salphaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti maal akka fakkaatu nutti agarsiisa.

Gabatee 17: Fakkeenya caasaa hima salphaa

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa hima salphaa
Semmoo, fuula 97	<ul style="list-style-type: none"> a. Tolaan mana ijaare. b. Barsiisaafi barataan akaakuu maqaarratti mari’atan. c. Biliseen, intalli obbo Margaa, barsiistuu taate.
Gadaa, fuula 116	<ul style="list-style-type: none"> a. Caalaan bor deema. b. Boontuun bishaan dhangalaaste. c. Tolaafi Siifan taphachaa jiru.
Natoo, fuula	Hin qabu

Himoota gabatee olii kanarraa akka hubanutti kitaabileen wabii kunneen caasaa hima salphaa ilaalchisee yaada garaa garaa kan qaban akka ta’e dha. Kitaabilee Gadaafi Semmoon caasaa hima salphaa bifa walfakkaatuun kan dhiyeessanidha. Himoonni kunneenis xumura tokko kan qabaniifi ergaa tokko qofa kan dabarsan akka ta’e hubatamee jira. Kanaaf, kitaabileen lamaan kunneen

caasaa hima salphaa karaa sirriifi ifa ta'een kan dhiyeessan akka ta'e sakatta'a adeemsifameen mirkanaa'ee jira.Garuu, moggaasa irratti garaa garummaa akka qaban hubatameera.

Gama biroon immoo, kitaabni wabii Natoon fakkeenya hima salphaa kan hin dhiyeessineefi haalli ibsa itti kenne baay'ee walxaxaadha.Kitaabni wabii kun caasaa hima salphaa yemmuu ibsu himoota tajaajilaanifi caasaadhaan addaan baasee kan dhiyeesse miti.Kun immoo, hubannoo barattootaa irratti dhiibbaa guddaa kan qabudha.Qoodinsa gosoota himaa ilaalchisuun yaada boqonnaa lama keessatti Geetaachoo(2016)fi Rabbirraa(2011) ibsan irratti hundaa'uun Afaan Oromoo keessatti himni tajaajilaafi caasaa irratti hundaa'uun qoodamuu akka qabu yaada isaanii lafa kaa'anii jiru.

Afgaaffii barsiisotaa irraa hubachuun akka danda'etti qoodinsi gosoota himaa ilaalchisee kitaaba wabii Nattoo kessatti dhiyaate kun walxaxaa akka ta'eefi hubannoo barattootaa irratti dhiibbaa kan qabu akka ta'edha.Kanaaf, Kitaabileen wabii Nattoo, Semmoofi Gadaan caasaa hima salphaa irratti garaagarummaa mogaasaa kan qabaniifi kitaaba wabii Nattoo keessatti yaadni dhiyaate walxaxiinsa kan qabu akka ta'e sakatta'aafi afgaaffii gaggeeffamerraa mirkanaa'eera.

4.4.6. Xiinxala Caasaa Hima Dachaa

Hima dachaa jechuun xumura lamaafi isaa ol kan qabuufi ergaa lamaafi isaa ol qabaachuu kan danda'u dha. Addunyaa B. (2016: f, 97-98) yoo ibsu, "Dachimni 'hima dachaa'gaalee jedhurraa uumame.Hiikni isaas himoonni sasalphaa lamaafi isaa ol yookaan ciroo of danda'aa lamaafi isaa ol waliin ta'uun hima tokko ijaaruu jechuudha" jedha. Bu'uuruma kanaan gabateen armaan gadii kunis caasaan hima dacha kitaabilee wabii Nattoo,Semmoofi Gadaa keessatti akkamitti akka dhiyaatan nutti agarsiisa.

Gabatee 18: Fakkeenya caasaa hima dachaa

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa hima dacha
Gadaa, fuula 117	<ul style="list-style-type: none"> a. Biqiltuun xalayaa barreessitee maatisheef ergite. b. Dhugaasaan Finfinnee deemee deebi'e. c. Abdiin buna dhuge; Caalaan garuu shaayii dhuge.
Semmoo, fuula 98	<ul style="list-style-type: none"> a. Ulaa waaqaatu cufame; bishaan badiisaas ni gu'e. b. Namni mana ijaareefi namni horii horsiise gaarii dha. c. Dareeseenee gabatee gurraacha haxaawee barsiisuu eegale.
Natoo, fuula	Hin qabu

Akka gabatee olii kana irraa hubanutti kitaabileen wabii kunneen caasaa hima dacha ilaalchisee yaada garaa garaa kan qaban akka ta'edha. Kitaabni Gadaafi Semmoon caasaa kana bifa walfakkaatuunfi iftoomina qabuun kan dhiyeessanidha. Caasaan hima dachaa kitaabilee lamaan kanneen keessatti dhiyaate xumura lamaafi isaa oliifi ergaa lamaafi isaa ol kan of keessaa qaban akka ta'e sakatta'a raawwatame irraa hubachuun danda'amee jira. Kanaaf, yaadni kitaabilee wabii kanneen keessatti dhiyaate sirrummaafi iftoomina kan qabu akka ta'e mirkanaa'ee jira. Gama birootiin, kitaabni wabii Natoo garuu caasaa hima dachaa kan hin dhiyeessine waan ta'eef akka rakkootti yookiin hanqinaatti xiinxalamee jira.

Akka yaada kitaaba wabii Natoo keessatti ibsame kana osoo hin taane, yaada boqonnaa lama keessatti hima dacha ilaalchisuun Geetaachoo (2016)fi Rabbirraa(2011) ibsanitti,hima dachaa jechuun xumurtuu lamaafi ol of keessatti qabatee yaada lama yookiin isaa ol dabarsuu kan danda'u.Hima dacha ciroo dhaabbataa lamaafi ol kan of keessatti qabate jechuun yaada isaanii lafa kaa'anii jiru.Akasumas,himni kun gosoota himaa caasaa irratti hundaa'uun qoodaman keessaa tokko akka ta'e nutti agarsiisa.

Dabalataan, afgangiin barsiisota irraa funaannames yaaduma kana kan dhugoomse ta'ee yaadni kitaaba wabii Nattoo keessatti dhiyaate kun walxaxaafi hanqina kan qabu akka ta'e mirkaneessera. Kanaaf, kitaabilee wabii kanneen kana gidduutti garaagarummaan qoodinsaafi moggaasaa jiraachuun isaa gaarummaa hin qabaatu. Qabiyyee hima dachaa kana bifa walfakkaatuun dhiyeessuu akka qaban sakatta'insi dookimantii kunifi afgangiin barsiisotaa nu mirkaneessee jira.

4.4.7. Xiinxala Caasaa Hima Xaxamaa

“Jechi ‘xaxima’jedhu gaalee ‘hima xaxamaa’jedhu irraa uumame. Hima tokko xaxamaa kan taasisu jiraachuu ciroo hirkataati. Xaximni ciroo of danda’aa tokkoofi ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol irraa ijaaramuu danda’a”(Addunyaa B.2016÷, f.99). Ciroom of danda’aafi ciroom hirkataan walqabsiistuun kan walitti hidhamanidha. Bu’uuruma kanaan gabateen armaan gadii kunis caasaan hima xaxamaa kitaabilee wabii Nattoo, Semmoofi Gadaa keessatti akkamitti akka dhiyaate nutti agarsiisa.

Gabatee 19: Fakkeenya caasaa hima xaxamaa

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa hima xaxamaa
Gadaa, fuula 117	<ul style="list-style-type: none"> a. Erga deebitee, na bira koottu. b. Karaa mana keenyaa yoo deebite, ergaa naaf himta.
Semmoo, fuula 99	<ul style="list-style-type: none"> a. Yemmuu gabaa dhaqxu na waami. b. Akka argite hin dubbatiin. c. Yoo sooramtes, yoo iyyoomtes gorsa abbaa kee hin dagatiin.
Natoo, fuula 280	<ul style="list-style-type: none"> a. Mucaa diimaan sun ganamaan ka'ee marqaa nyaate. b. Mucaan diimaan ganamaan ka'e sun marqaa nyaate.

Gabatee armaan olii kanneen irraa akka hubanutti kitaabileen wabii kunneen caasaa hima xaxamaa bifa walfakkaatuun kan dhiyeessan akka ta'edha. Sakatta'a raawwatame irraa hubachuun akka danda'ametti caasaan hima xaxamaa kun kitaabilee wabii Semmoofi Natoo keessatti haala sirrii ta'een kan dhiyaate akka ta'edha. Haata'u malee, kitaaba wabii Gadaa keessatti caasaan fakkeenya irratti dhiyaate ibsa isaa waliin kan walsimu waan hin taaneef hanqina yookiin rakkoo kan qabu akka ta'e mirkanaa'ee jira.

Afgaaffiin barsiisota irraa funaannames yaaduma sakatta'a dookimantiin argame kana kan dhugoomsudha. Kunis, hubannoo barattootaa irratti dhiibbaa guddaa qabaachuu isaa nuuf mirkaneesse jira. Kanaaf, yaadni kitaaba Gadaa keessatti ka'e kun akka skatta'aafi afgaaffii irraa hubachuun danda'ametti ibsi inni laateefi fakkeenyi inni laate kan walhin simne akka ta'e bira gahameera. Kitaabileen wabii qabiyyee akkanaa yemmuu dhiyeessan of eeggannoo gochuu akka qaban nu hubachiisa.

4.4.8. Xiinxala Caasaa Hima Dachaa Xaxamaa

Himni dachaa xaxamaa immoo hima ciroo hirkataa tokkoo oliifi ciroo of danda'aa lamaafi isaa ol of keessaa qabudha. Akkasumas, amala hima dachaafi hima xaxamaa kan of keessaa qabudha. Gabateen armaan gadii kunis caasaan hima dacha xaxamaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti akkamitti akka dhiyaate nutti mul'isa.

Gabatee 20: Fakkeenya caasaa hima dachaa xaxamaa

Kitaaba wabii	Fakkeenya caasaa hima dacha xaxamaa
Gadaa, fuula 117	<ul style="list-style-type: none"> a. Finfinnee yommuu deemuufi yommuu deebitu na dubbisi. b. Inni yoo as deemus yoo achi deemus waa'ee jaalalleessaa haasa'a.
Semmoo, fuula 100	<ul style="list-style-type: none"> a. Yammuu dhaqes, yammuu gales, natti goree na gaafatee darbe. b. Sooromtullee, iyyoomtullee, ormatti hudduu gatatee fira kee hin miidhiin.
Natoo, fuula	Hin qabu

Akka sakatta'a dookimantii kitabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa irratti gaggeeffameen himoota gabatee armaan olii kana irraa wanti hubatamu kitaabileen wabii kunneen caasaa hima dachaa xaxamaa karaa adda addaan kan dhiyeessan akka ta'edha. Kunis, kitaabni wabii Gadaafi Semmoon garaagarummaa yaadaa yoo qabaatan, kitaabni Natoo immoo caasaa hima dachaa xaxamaa kana hin dhiyeessine.

Garaagarummaa yaadaa isaan qaban yoo ilaalle, kitaabni Semmoo caasaan hima dachaa xaxamaa ciroo hirkataa tokkoo oliifi ciroo of danda'aa lamaafi lamaa ol of keessaa qaba jedhee kan dhiyeessedha. Kitaaba wabii Gadaa yoo ilaallee immoo, caasaan hima dachaa xaxamaa ciroo

hirkataa tokkoo oliifi ciroo of danda'aa tokko yookiin tokkoo ol of keessaa qaba jedhee kan dhiyeessedha. Yaadni kunis hanqina kan qabu waan ta'eef, fakkeenya waliin mee haa ilaallu.

a. Finfinnee yommuu deemtuufi yommuu deebitu na dubbisi.

b. Inni yoo as deemus yoo achi deemus waa'ee jaalalleessaa haasa'a.

Fakkeenya kanneen irraa wanti hubatamu himni dacha xaxamaa ciroo hirkataa lamaafi of danda'aa tokko irraa ijaaramuu akka danda'udha. Kun immoo, akka ibsa hayyootaatti sirrummaa kan qabu miti. Kanaaf, yaada kanaafi yaada hayyoota biro walbira qabnee mee haa ilaallu.

Rabbirraa T.2011÷,f .117) yoo ibsu, "Kana jechuun, hima tokko keessa himoota sasalphaa yookaan ciroo of danda'aa lamaafi lamaa ol akkasumas, ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol jiraachuu qabu jechuudha. Akka ibsa kanaatti ciroo of danda'aan lamaafi isaa ol ta'uu qaba malee tokko ta'uu hin qabu. Kanaaf, yaadni kitaaba Gadaa keessatti dhiyaate kun fakkeenya isaa wajjin kan walfaallessa waan ta'eef, rakkoo kan qabu akka ta'e sakatta'a gaggeeffameen mirkanaa'ee jira. Dabalataan, kitaabni Natoo caasaa kana maaliif akka hin dhiyeessine sababa isaa waan hin ibsineef akka hanqinaatti xiinxalamee jira.

Yaadni afgaaffii barsiisotaa irraa funaannames yaada sakatta'a dookimantii irraa argame kana kan dhugoomsu akka ta'e hubatamee jira. Kanaaf, yaadota olii kanneen irraa hubachuun akka danda'ametti kitaabni wabii Gadaa kun caasaa hima dachaa xaxamaa irratti ibsa inni laateefi fakkeenya laatame kan walfaalleessu ta'uufi akka hanqinaatti fudhatamuu isaa mirkanaa'ee jira.

Boqonnaa Shan: Goolaba, Argannoofi Yaada Furmaataa

5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun qabiyyee caaslugaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti caasaa birsagaa, caasaa jechaa, caasaa gaaleefi caasaa himaa xiinxaluu irratti kan bu'uureffate yoo ta'u, hanqinootni mul'ataniif yaada furmaataa eeruudha. Qorannoon kun kaayyoo gooroofi gooree kan of keessaa qabudha. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, qabiyyeen caaslugaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti akkamitti akka dhiyaate xiinxaludha. Kaayyoo gooree immoo, sadii of keessaa qaba.

Kaayyoo tokkoffaan, kitaabilee wabii kanneen keessatti caasaa birsagaafi garee jechaa jiran akkamitti akka dhiyaatan ibsuu kan jedhudha. Kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti caasaan birsagaafi garee jechootaa gadifageenyaan xiinxalameera.

Kaayyoon lammaffaa immoo, kitaabilee wabii kanneen keessatti caasaa gaaleefi himaa haala kamiin akka qophaa'e tarreessuu kan jedhu. Kanaaf, kitaabilee wabii akka iddattootti filataman keessatti caasaan isaanii haala kamiin akka dhiyaate gadi fageenyaan xiinxalameera.

Kitaabilee wabii kanneen keessatti rakkoon yoo qabaate akkamitti furmaata akka argatu eeruu kan jedhu immoo, kaayyoo sadaffaa qorannoo kanaati. Hanqinootni kitaabilee wabii kanneen keessatti mul'atan xiinxala taasifameen ifatti mul'ataniiru. Kanamalees, hanqinoota mul'ataniif kallatiin furmaanni eerameera.

Qabiyyee caaslugaa keessaa caasaan birsagaa, jechaa, gaaleefi himaa kitaabilee wabii kanneen keessatti akkamitti akka dhiyaate yaada hayyoota garagaraatiin deeggaramee bal'inaan dhiyaatee jira. Dabalataan, haala dhiyeenya caasaa ilaalchisee yaaxinaaleefi saayinsii afaanii gidduu galeeffachuudhaan sakatta'iinsa godhameen maalummaa, akaakuufi fakkeenyoota caasaa birsagaa, jechaa, gaaleefi himaa bal'inaan ibsamaniiru.

Boqonnaa sadaffaa keessatti malleen qorannoo, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaannamaniifi qaaceffaman haalaan ibsamani jiru. Xiinxallifi hiikni odeeffannoo akkasumas, sakatta'a dookimantiifi afgaaffiin boqonnaa afaaffaa keessatti dhiyaatee jira. Xiinxalli ragaalee kitaabilee wabii jechaafi gabateedhaan dhiyaachuun kan ibsamedha.

Boqonnaan shanaffaan cuunfaa, argannoofi yaboo of keessaa kan qabudha. Cuunfaa keessatti qabiyyeewwan qorannicha keessatti hammataman akka waliigalaatti kan ibsame yoo ta'u, argannoo keessatti immoo, bu'aan qorannichaa adda bahee mul'atee jira. Dhumarratti hanqinoota akka walii galaatti mul'ataniif kallatiin gara fuulduraa maal akka ta'uu qabu yaadni furmaataa dhiyaatee jira.

5.2. Argannoo

Odeeffannoo sakatta'a ragaaleefi afgaaffii irraa argame xiinxaluun argannoon qorannoo kanaa argameera. Hanqinaaleen hedduunis jiraachuun mirkanaa'e jira. Argannoon kunis akka armaan gadiitti dhiyaateera.

- Caasaan birsagaa kitaabilee wabii Natoo, Semmoofi Gadaa keessatti dhiyaatee argamu garaagarummaa kan qabudha. Dabalataan, caasaan qabiyyee birsagaa kitaabilee wabii kanneen keessatti dhiyaate hanqina guddaa kan qabudha. Sababiin isaas, qaamolee birsagaa keessaa ka'umsa malee kan dhiyeessan akka ta'edha.
- Kitaaba wabii Semmoo keessatti garee jechootaa ilaalchisee garaagarummaa kan jiru akka ta'edha. Kunis, garee jechootaa bakka afuritti kan qoodedha. Yaadni Semmoo keessatti dhiyaate xumuribsi tajaajilaan malee uunkaan kan hin jirre akka ta'e agarsiisa.
- Yaadni kitaaba wabii Natoo keessatti argamu immoo, baay'ee walxaxaa ta'ee kan dhiyaatedha.
- Haala qoodinsa garee jechootaa ilaalchisee kitaabilee wabii kanneen gidduu garaagarummaan kan jiru akka ta'e bira gahamee jira.
- Kitaabileen wabi kunneen caasaa maqaa karaa adda addaan kan xiinxalan akka ta'e hubatamee jira.
- Kitaaba wabii Natoo keessatti caasaan maqibsaa haala walxaxaa ta'een kan dhiyaate akka ta'e mirkanaa'ee jira.
- Caasaan xumuraa kitaaba wabii Gadaa keessatti dhiyaate baay'ee ifa yoo ta'u, kitaabilee Natoofi Semmoo keessatti immoo baay'ee walxaxaa akka ta'e bira gahamee jira.
- Kitaabilee wabii sadeenuu keessatti caasaan gaalee karaa ifaafi sirrii ta'een kan dhiyaate akka ta'e sakatta'a taasifameen bira gahamee jira.

- Kitaabilee wabii kanneen gidduutti garaagarummaan moggaasa caasaa himaa akka jiru sakkatta'a taasifameen ifatti mul'ateera. Kunis, kitaaba wabii Gadaa keessatti hima salphaa, hima dacha, hima xaxamaa, hima dacha xaxamaa, hima himaamsaa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannoo jedhamuun kan dhiyaatan yoo ta'u, kitaaba wabii Natoon keessatti leexima, xaxima, himaamsaafi gaaffima jedhamuun dhiyaatanii jiru. Akkasumas, kitaaba wabii Semmoon keessatti immoo, leexima, xaxima, dachima, dachima xaximaa, himaamsa, gaaffimaafi raajima jedhamee kan dhiyaatedha. Kanaafuu, garaagarummaan moggaasaa jiraachuun isaa hubannoo barattootaa kallattii adda addaan kan cimsudha.
- Kitaabni wabii Natoon gosoota himaa tajaajilarratti hundaa'anii qoodaman caasaa hima leeximaa jalatti kan dhiyeesse akka ta'e xiinxala taasifameen ifatti mul'atee jira. Kunis, kitaabni wabii kun rakkoo yookiin hanqina akka qabu mirkanaa'era.
- Kitaabileen wabii Natoon Semmoon caasaa himaa tajaajila irratti hundaa'ee yemmuu dhiyeessan gosa gochimaa waliin kan walitti make akka ta'e hubatamee jira.
- Kitaabileen wabii kunneen caasaa hima ajajaa ilaalchisee garaagarummaa kan qaban akka ta'e xiinxala taasifameen mul'atee jira. Kunis, kitaabni wabii Gadaan caasaa hima ajajaa karaa sirriifi ifa ta'een kan dhiyeesse yoo ta'u, kitaabni Natoon Semmoon caasaa hima ajajaa kana hin dhiyeessine. Kanaaf, sakatta'a raawwatameen kitaabileen lamaan kunneen hanqina kan qaban akka ta'e hubatamee jira.
- Caasaa hima raajeffannoo kitaabni wabii Natoon kan hin dhiyeessine akka ta'e xiinxala gaggeefameen bira gahamee jira. Kun immoo, akka hanqinaatti ilaallameera.
- Kitaabni wabii Natoon fakkeenya hima salphaa kan hin dhiyeessinefi haalli ibsa itti kenne baay'ee walxaxaa waan ta'eef akka hanqinaatti xiinxalamee jira.
- Kitaabni wabii Natoon caasaa hima dachaa kan hin dhiyeessine akka ta'e sakatta'a adeemsifameen ifatti mul'atee jira.
- Kitaaba wabii Gadaa keessatti caasaan hima xaxamaa fakkeenya irratti dhiyaate ibsa isaa waliin kan walsimu waan hin taaneef rakkoo kan qabu akka ta'e sakatta'a taasifameen mirkanaa'ee jira.
- Kitaabileen sadeenuu hima dachaa xaxamaa ilaalchisee garaagarummaa qabu. Kunis, kitaabni wabii Gadaan caasaa hima dacha xaxamaadhaaf fakkeenyaafi ibsa yemmuu laatu ciroo hirkataa lamaafi ciroo of danda'aa tokko irraa ijaaramuu danda'a jedha.

Kitaabni wabii Semmoo immoo, caasaa hima dachaa xaxamaatiif fakkeenyaafi ibsa yoo kennu, ciroo hirkataa tokkoo oliifi ciroo of danda'aa lamaafi isaa ol irraa ijaarama jedha. Kitaabni wabii Natoo garuu, caasaa hima dacha xaxamaa kan hin dhiyeessine akka ta'e xiinxala adeemsifameen ifatti mul'atee jira. Kanaaf, garaagarummaan kitaabilee wabii kanneen gidduutti mul'atu kun hubannoo barattootaa irratti dhiibbaa akka qabu mirkanaa'ee jira.

- Qabiyyeen caaslugaa kitaabilee wabii Gadaa, Semmoofi Natoo keessatti dhiyaate irra caalaan isaa sirrummaafi iftoomina kan qabu akka ta'e sakatta'a raawwateen ifatti mul'ateera.

Walumaagalatti akka argannoon qorannichaa agarsiisutti akkaataan dhiyeenya qabiyyee caaslugaa kitaabilee wabii kanneen keessatti argamu irra caalaan isaanii walfakkeenya kan qabu akka ta'e dha. Haata'u malee, garaagarummaas kan qaban akka ta'edha.

5.3. Yaboo

Kitaabilee wabii kanneen keessatti caasaa birsagaa, jechaa, gaaleefi himaa ilaalchisee hanqinoota mul'ataniif yaadni furmaataa akka armaan gaditti dhiyaatee jira.

- Qabiyyeen caasaa birsagaa kitaabilee wabii Semmoo,Natoofi Gadaa keessatti dhiyaate rakkoo kan qabu waan ta'eef,bifa hubannoo barattoota hin faallessineen kan dhiyaatu osoo ta'ee gaarummaa qaba.
- ◆ Qoodinsa garee jechootaa ilaalchisee kitaabilee wabii kanneen gidduu garaagarummaan jiru bifa barattootaaf hubannoo dabaluu barsiisamuu qaba.
- ◆ Caasaan garee jechootaa, gaaleefi himaa kitaaba Natoofi Semmoo keessatti argamu baay'ee walxaxaa waan ta'eef haala ifaafi sadarkaa barattootaa giddugaleeffachuun qophaa'e filatamaa ta'a.
- ◆ Qopheessitoonni kitaabilee wabii kunneen maalummaafi moggaasa caasaa kanneenii irratti waliin mari'achuun jechoota waaltaawaafi sadarkaa barattootaa adda baasuun qopheessanii gaarii ta'a.
- ◆ Kitaabileen wabii haala dhiyeenya caaslugaa irratti hanqina qaban kunneen sakatta'amanii hanqinoonni mul'atan bifa haaraan sirreeffamaniifi fooyyeeffamanii barreessitoota isaaniin kan maxxanfaman osoo ta'ee filatamaadha.
- ◆ Kitaabileen wabii sadeenuu caasaa himaa irratti garaagarummaa bal'aa waan qabaniif waliin marii taasisuun bifa walfakkaataa ta'een ibsa kan laatan osoo ta'ee filatamaa ta'a.
- ◆ Barreessitoonni kitaabilee wabii baay'inaafi faayidaa isaani irratti qofa xiyyeeffatanii kan barreessan osoo hin taane, qulqullinaafi guddina afaanichaa irratti xiyyeeffatanii kan qopheessan osoo ta'ee gaarummaa qabaata.

Walumaagalatti,xiinxala qabiyyee caaslugaa kitaabilee wabii Nattoo,Semmoofi Gadaa irratti taasifameen argannoon argameefi yaanni furmaataa olitti ibsameera.Hanga barreessitoonni kitaabilee wabii kanneenii hanqinicha ilaalanii furmaata itti kennanitti barsiisonni aanaa Suudee keessatti Afaan Oromoo barsiisan bu'aa qorannoo kanaa irratti hundaa'uun kitaabilee wabii kanneenitti akka deeggarsaatti haa fayyadaman jechuun qoratichi yaada isaa lafa kaa'ee jira.

Wabiilee

- Abarraa Naafaafi kaawwan.(1998).*Caasluga Afaan Oromoo*.Jildii 1.Mana Maxxansa Barannaa.
- Abdulsamad Muhaammad.(1994).*Seerluga Afaan Oromoo*.Caffee Oromiyaa,Finfinnee.
- Addunyaa B.(2011).*Akkamtaa:Yaadrimee Qorannoo Hujoo*.Finfinnee Oromiyaa.
- _____.(2012).*Natoo:Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo* Finfinnee:Mega Printing Press
- _____. (2016).*Semmoo:Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee:Far East Trading PLC.
- _____.(2018).*Semmoo:Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*.Finfinnee Oromiyaa.Max.3^{ffaa}
- _____.(2018).*Fufiilee Heddumina Maqaa Barumsa Afaan Oromoo Keessatti*.Addis Ababa University.
- Anuj Agrawsl, (2013). *Research Methodology Department Of Commerce*, GGV,M.Com
- Argaw S,(2007).*A New Approach To English Grammar*.Aster Nega Publishing Enterprise.
- Atkins,J. Hailom,B.and Nuru,M.(1995).*Skill Development Methodology* part I:A.A.University.
- Chomsky,N.(1965).*Aspects of the theory of syntax*.Cambrdge Massa chustts:THE M.LT.PRESS
- Cook, G(2003).*Applied Linguistics*.Oxford:Oxford University Press.
- Creswell,J.W.(2012).*Edcation Research:Planning.Conducting and Evaluting Quntitative and Qualitative Research,4thed*.University of Nebraska Lincoln.
- Dastaa D.(2009).*Bu'uura Qorannoo*.Addis Ababa:Maxxansa Boolee.
- _____.(2013).*Bu'uura Qorannoo*.(Gul.2^{ffaa}).Yuunivasiitii, Addis Ababa.
- Donna M.and Lauret J.(2010).*The linguistic structure of modern English*.John Benjamins Publishing Company.
- Firooz Sadighi.(2012).*Journal of studies in learning and teaching English*.Vol.1.No.2
- Geetaachoo R.(2016).*Furtuu:Seerluga Afaan Oromoo*.Finfinnee:Dhaabbata Maxxansaa Kuraaz Intarnaashinaal.

- _____ (2018). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo* kutaa 9fi 10. Dhaabbata maxxansaa Kuraaz Intarnaashinaal.
- Harmer, J. (1987). *Teaching and learning Grammar*. New York: Longman Publishing.
- Jaarraa (2006). *Bantuu Haaraa: Caaslugaafi ogbarruu Afaan Oromoo*. Finfinnee
- Larsen-Freeman, D. (1991). *Teaching Grammar in Celce Murcia, M. (ed). Teaching English as a second or Foreign Language*. Boston: Heinle and Heinl Publisher.
- Lammaa D. (2010). *Qeeqa Haala Dhiyeenya Xumuribsa Afaan Oromoo Kitaaba Barattootaa Kutaa 9^{ffaa}fi 10^{ffaa} Keessatti*. Univarsiitii Jimmaa (Waraqaa qorannoo Digirii 2^{ffaa}kan hin maxxanfamne).
- Lammaa D. fi Cimdii W. (2018). *Eenyummaaafi Tajaajila Xumuribsa Afaan Oromoo Sadarkaa Lammaffaa Qeequun*. (Gadaa Journal Vol.1.No 2,)
- Mirreessaa A. (2014). *Qalbii: Seerluga Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa: ELLENI P.P. PLC.
- Nunan D. (1990). *Second Language Teacher Education*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Rabbirraa T. (2011). *Gadaa: Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa
- Radford, A. (2006). *Minimalist Syntax Revisited*. Cambridge; Cambridge University, Press
- Richards, J.C (2001). *Approaches and Methods in Language Teaching*: Second edition. Cambridge: Cambridge University Press.
- Sharma, K. and Tuteja, T. (2005). *Teaching of Language and Linguistics*. Delhi: Ajay Verma.
- Shifarraaw B. (2009). *Xiinxala caasaa himaa kitaaba barattootaa kutaa 11^{ffaa}, Caasluga Afaan Oromoo Jildii-1 , Furtuufi Tuujuba keessatti*. Univarsiitii Finfinnee (Waraqaa qorannoo Digirii 2^{ffaa}kan hin maxxanfamne).
- Tamasgeen M. fi Tashoomaa B. (2015). *Syllabus Design and Material Development*. Jimma University (unpublished)
- Tamasgeen N. (1993). *Word Formation In Oromoo*. Unpublished M.A Thesis In Linguistics. AA: AAU
- Teewodroos K. (2006). *Top English*. Addis Ababa: HK Publishing PLC

Toleeraa Sh.(2015). *Xiinxala dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaabilee caasluga Afaan Oromoo: xiyyeeffannoon Furtuufi Saaqaa keessatti mula'atu*. Univarsiitii Finfinnee, (Waraqaa qorannoo Digirii 2^{ffaa}kan kan hin maxxanfamne)

Tsaggaayee H.(2008).*Xiinxala dhiheessa qabiyyee seerlugaa: kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}fi 10^{ffaa} keessatti*.Univarsiitii Jimmaa (Waraqaa qorannoo Digirii 2^{ffaa}kan hin maxxanfamne)

Yeheyis,S.(1999).*Caasluga Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} barsiisuu:manneen barumsa sad.2^{ffaa} Mukaxurriifi Caancoo*. Univarsiitii Finfinnee,(Waraqaa qorannoo Digirii 2^{ffaa}kan kan hin maxxanfamne)

<http://www.une.edu.au/current-students/resources/academic-skills/fact-sheets>

[http://www.adelaide.edu.au > default> files>docs](http://www.adelaide.edu.au/default/files/docs)

Dabbalee “A”

Yuunivarsiitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiyumaanitii Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu

Af-gaaffii haala qabiyyee caaslugaa kitaabilee wabii Semmoo, Natoofi Gadaa keessatti dhiyaate ilaalchisee barsiisota Afaan Oromoo digirii lammaffaa qabaniif dhiyaate

Kabajamaa barsiisaa/barsiistuu

Duraan dursee galma ga’insa qorannoo kanaaf yeroo keessan aarsaa gochuun af-gaaffii kanaaf deebii kennuun waan na gargaartaniif kabajni koo guddaa dha. Kaayyoon af-gaaffii kanaa kitaabilee wabii kanneen keessatti caasaan birsagaa, jechaa, gaaleefi himaa haala kamiin akka dhiyaate sakatta’uuf waan ta’eef deebiin isin kennitan qorannoo adeemsifamu kanaaf faayidaa guddaa qaba.

Odeeffannoo dhuunfaa

- a. Saala: Dhiira..... Durba.....
- b. Sadarkaa barnootaa: Dip..... BA..... MA.....
- c. Muuxannoo hojii/ tajaajila/: 1-10 11_20 21_30
1. Qabiyyeen caaslugaa kitaabilee wabii sadeen keessatti argamu rakkoo qabaa? Yoo qabaate rakkoon isaa maali?
2. Caasaan birsagaa kitaabilee wabii kanneen keessatti dhiyaate hanqina qabaa? Yoo qabaate ibsi.
3. Haalli qoodinsa garee jechootaa kitaabilee wabii sadeen keessatti walfakkeenya qabaa? Ibsa kenni.
4. Qabiyyeen caaslugaa kitaabilee wabii sadeen keessatti dhiyaate walxaxiinsa qabaa? Yoo qabaate ibsa kenni.
5. Haalli dhiyeenya qabiyyee caaslugaa kitaabilee wabii kanneen keessatti salphaa irraa gara walxaxaatti kan deemu dha? Ibsa laadhu.

6. Garee jechootaa keessatti kitaabni wabii semmoon xumuribsa maaliif dhiyeessuu dhiise? Yaada kee ibsi.
7. Kitaabileen wabii kunneen gosoota gaalee sirritti qoodanii dhiyeessaniira? Yoo hin dhiyeessine ta'e maaliif?
8. Qabiyyeen caaslugaa kitaabilee wabii sadeenuu keessatti dhiyaate barsiisotaafi barattootaaf iftoominaafi mijaa'ina kan qabani dha? Iftoomina hin qaban taanaan maaliif?
9. Haalli caasaa himaa kitaabilee kanneen keessatti dhiyaate sirrummaa qabaa? Hin qabu taanaan ibsa kenni.
10. Gosoonni himaa kitaabilee wabii kanneen keessatti karaa sirrii ta'een qoodamee jiraa? Yoo hin qoodamne ta'e maaliif?

